**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORII**

# QAACCESSA QABIYYEE, ERGAAFI FAAYIDAA SIRBOOTA QABSOO BARA QEERROO JIJJIIRAMAAN DURAA, YEROO JIJJIIRAMAAFI JIJJIIRAMAAN BOODA SIRBAMANI:

**QORATTUUN: TSAHAAY RAGGAASAA**

**HAGAYYA 2024**

**ADDIS ABABAA**

# QAACCESSA QABIYYEE, ERGAAFI FAAYIDAA SIRBOOTA QABSOO BARA QEERROO JIJJIIRAMAAN DURAA, YEROO JIJJIIRAMAAFI JIJJIIRAMAAN BOODA SIRBAMANI:

**QORATTUU: TSAHAAY RAGGAASAA WAYUMAA**

**GORSAA: MASFIIN WADAAJOO (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**HAGAYYA 2024**

**ADDIS ABABAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA QORANNOO DIGIRII DURAATIIN BOODDEE**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf, Tsahaay Raggaasaatiin mata duree “Qaaccessa Qabiyyee, Ergaafi Faayidaa Sirboota Qabsoo Bara Qeerroo Jala Jijjiiramaa(2008A.L.I), Yeroo Jijjiiramaa(2010A.L.I)fi Jijjiirama Booda(2013A.L.I)” jedhuun gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa ______________________________Mallattoo_ ____________Guyyaa ____________

Qoraa Keessaa ___________________________ Mallattoo _____________Guyyaa ____________

Gorsaa ______________________________Mallatto ______________Guyyaa ____________

_________________________________________________________________

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

# IBSA

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaa fi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyaanne ta'uu, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta'een fudhee wabii keessatti kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa_________________________________________

Mallattoo______________________________________

Guyyaa_________________________________________

## GALATA

Duraan dursee isa hundumaa danda'uufi isa waan hundumaa keessatti gargaarsa hin tilmaamamne isa naaf godhe waaqayyoof galanni guddaan haata'u. Itti aansuun gorsaa kook an ta'an Dr. Masfiin Wadajoo beekumsaafi dandeettii qaban hundaan akkan qorannoo kana hojjedhuuf nuffii tokko malee gama hundaan naqajeelchuun, natumsuun jabina naaf ta'an galatoomaan jedha. Itti dabaluudhaan rakkoofi wal'aansoo keessa osoo jiranii aartii saba isaanii guddisuuf akkasumallee, dhugaa hawaasa isaanii bakkeetti baasuun, animmoo akkan qorannoo kana irratti hojjedhuuf karaa kan naaf saaqan aartistoota Oromoo: Haacaaluu Hndeessaa kan lubbuun hin jirref boolla isaa daadhiin haaguutu jechaa, Andu'aalem Gosaafi Dinqiisaa Dabalaaf ammoo galata guddaan qaba. Gama biraatiin yeroon qorannoo kana hojjedhu obsaafi deegarsa barbaachisuun kan nabira dhaabbate, akkasumallee deeggarsa yaadaafi maallaqaa naaf gochuun kan natumse abbaa warraa koo Zallaqaa Nagaasaatiif galanni koo dachaadha. Itti dabaluudhan maatii koo hunda haala mijataafi hin mijanne keessatti gama adda addaatiin deeggarsa kan naaf gochuun akkan barnoota kana baradhee xumuruuf nagagaaran galatoomaan jedha.

## AXEEREERA

*Qorannoon kun qaacceessa qabiyyee, ergaafi faayidaa sirboota qabsoo bara qeerroo jala jijjiiramaa bara 2008A.L.I, yeroo jijjiiramaa(2010A.L.I)fi jijjiirama booda(2013A.L.I) sirbaman kanneen filataman irratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaa sirboonni qabsoo ykn siyaasaa Oromoo filatamanii galumsa siyaasaa Oromoo keessatti qabiyyeewwan, ergaaleefi faayidaa isaanii qaaccessuudhaan yaada furmaataa kaa'uudha. Haaluma kanaan qorannoon kun sirboota qabsoo Oromoo kanneen weellisaa Haacaaluu Hundeessaan bara 2008A.L.I, Andu'aalem Gosaan bara 2010A.L.I fi Dinqiisaa Dabalaan bara 2013 A.L.I sirbaman irratti xiyyeeffate. Qorannoo kana gaggeessuufis saxaxni hojiirra oole qaacceessa qeeqa haasbarruuti. Bu'uuruma kanaan walaloowwan sirboota sadii mala iddatteessuu kaayyeffataa fayyadamuun filatamaniiru. Qorannoo kanas mala qaacceessa akkamtaa keessaa qaacceessa haasbarruutti fayyadamuun qaaccessameera. Yaadiddamni qorannoon kun bu'uureffate qorannoo qeeqa haasbarruufi qaacceessa haasbarruutti. Qaaccessa qabiyyeewwanii sirboota qabsoo kanarratti gaggeeffameen sirboonni kunniin wanta isaan ibsan buqqaafamuu, jabina, aantumaa, injifannoo, roorroon darbuu, nageenyafi qoqqoodinsa hawaasaa Oromiyaa keessa jiraachuu isaafi jaalala ibsuu irratta xiyyeeffataa ta'uusaa qorannoon kun argisiisa. Ergaawwan ijoon sirboonni qabsoo kunniin dabarsan diigamuu tokkummaa, saamicha, miidhaafi ajjeechaa, gamtoomuu, akeekkachiisuufi diddaaf hawaasa kakaasuu irratti kan xiyyeeffatan ta'uun isaanii qorannoo kanaan addaan baafameera. Akkasumas bilisummaa, misoomaafi aangessuu jiraachuu beekameera. Faayidaa sirboonni qabsoo kunneen haalli qabatamaan Oromiyaan keessa jirtu jijjiirama duraafi booda walfakkaata waan ta'eef qabiyyeewwaniifi ergaawwan sirboota kanaan cunqursaan, hidhaan, ajjeechaan, buqqaafamuunfi walwaraansi jiraachuuf qabsoon ummataa itti fufee jiraachuu argannoo qorannoo kanaan bira ga'ameera. Walumaagalatti qabiyyeewwan, ergaawwanfi faayidaan sirboonni qabsoo ykn siyaasaa Oromoo kunneen haala qabatamaa yeroo kanaa ilaalchisee akkuma sirna jijjiirama duraa turee sana amallee jijjiirama booda sirna aangoo irra jiruun hidhaafi ajjeechaan jiraachuun Ummata Oromoo irraatti miidhaa hawaasummaa, moggaafama siyaasaa, ilaalchaafi diinagadee raawwatamaa akka jiru argannoon qorannoo kanaan ibsameera. Kanarraa ka'uun qaamni meeshaa hidhatee jiru sirna aangoo qabu wajjin nagaan bu'ee Oromoofi Oromiyaan akka nagaa argatan hawaasni dhiibbaa osoo godhe gaariidha. Dhumarratti, gaheen sirboonni weellistoota Oromoo jiruufi jireenya Ummata Oromoo keessatti qaban guddaa waan ta'eef, osoo qaaccessamanii akka dhaloonni irraa barataniifi barreeffaman dhaloota dhufuuf akka dabaree irraa barataniif gara fuula durraatti xiyyeeffannoo bal'aa argatanii osoo qoratamanii kan jedhu yaboo qorannoo kanaati.*

# BAAFATA

**Qabiyyee** **Fuula**

IBSA ............................................................ iii
GALATA ............................................................ iv
AXEEREERA............................................................ v
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ............................................................ 1
1.1 Seen Duubee Qorannichaa ............................................................ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa............................................................ 3
1.3 Kaayyoo Qorannichaa............................................................ 5
]1.3.1 Kaayyoo gooroo qorannichaa............................................................ 5
1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa ............................................................ 5
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa............................................................ 5
1.5 Daangaa Qorannichaa ............................................................ 6
1.6 Hanqina Qorannoo ............................................................ 6
1.7 Hiika Yaadrimeewwan Qorannoo ............................................................ 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ............................................................ 9
2.1. Maalummaanfi Yaadrimee Ogbarruu ............................................................ 9
2.2. Faayidaa Og-barruu ............................................................ 10
2.3. Gosoota Ogbarruu ............................................................ 10
2.4 Ogbarruu Barreeffamaa ............................................................ 10
2.5. Fayyidaa Ogbarruu Barreeffamaa............................................................ 11
2.6. Faayidaa Fiil-jechaa Ogbarruu barreeffamaa keessaatti............................................................ 11
2.7. Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa ............................................................ 12
2.7, 1 Asoosama ............................................................ 12
2.7.2 Diraamaa /Weeshoo............................................................ 12
2.7.3 Og-Walaloo............................................................ 12
2.8. Gosoota Walaloo ............................................................ 12
2.9. Faayidaa walaloo ............................................................ 13
2.10. Maalummaafi Yaadrimee Sirba ............................................................ 13

2.10.1 Qabiyyee Sirbaa ........ 15
2.10.2 Ergaa Sirbaa ........ 16
2.10.3 Faayidaa Sirbaa ........ 16
2.10.4 Gosoota Sirbaa ........ 18
2.11. Sirboota Qabsoo ........ 19
2.11.1. Maalummaa Qabsoo ........ 19
2.11.2. MaalummaaFI Yaadrimee Sirboota Qabsoo ........ 20
2.12. Yaadiddama Qorannoo ........ 21
2.12.1. Qorannoo Qeeqa Hawaasummaa ........ 21
2.12.2. Qaacceessa Qeeqa Haasbarruu ........ 22
2.12.3. Qaacceessa Haasbarruu ........ 23
2.13. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 23
BOQONNAA SADII: ADEEMSAAFI MALA QORANNICHAA ........ 26
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 26
3.2.Mala Qorannichaa ........ 27
3.3. Madda Ragaalee ........ 27
3.4. Iddattoofi Tooftaalee Iddatteessuu ........ 27
3.5. Mala Ragaaleen Itti Qaacceffamu ........ 28
3.6. Naamusa Qorannichaa ........ 29
BOQONNAA AFUR: DHIYAANNAA, QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE ........ 30
4.1. Haala Waliigala Ragaalee ........ 30
4.2 Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Jala Jijjiiramaa Sirbame "Maalan Jiraa" ........ 30
4.2.1 Qabiyyee ........ 30
4.2.2 Ergaa ........ 32
4.2.3. Faayidaa ........ 37
4.3. Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Yeroo Jijjiramaa Sirbame "Gadaatu keetii" ........ 38
4.3.1 Qabiyyee ........ 38
4.3.2 Ergaa ........ 39
4.3.3. Faayidaa ........ 42
4.4. Sirbaa Qabsoo Bara Qeerroo Jijjiirama Booda Sirbame "Daadoo" ........ 42
4.4.1. Qabiyyee ........ 42
4.4.2. Ergaa ........ 44

4.4.3. Faayidaa ........................................................................................................................46
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ...................................................................47
5.1. Cuunfaa ........................................................................................................................47
5.2. Argannoowwwan ..............................................................................................................49
5.3. Yaboo ..........................................................................................................................51
Wabiilee ............................................................................................................................52
Dabalee A: Sirba Siyaasaa Bara Qeerroo Jala Jijjiiramaa Sirba Haacaaluu Hundeessaa ..........................55
Dabalee B: Sirba Siyaasaa Bara Qeerroo Yeroo Jijjiiramaa Sirbame Sirba Andu'aalem Goosaa ................57
Dabalee C: Sirba Siyaasaa Bara Qeerroo Jijjiiramaan boodaa Sirba Dinqiisaa Dabalaa ............................58

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqqonnaan kun kan inni of keessatti qabatee dhiyaate Seenduubee Qorannichaa, Ka'umsa Qorannichaa, Kaayyoo Qorannichaa, Kaayyoo Gooroo, Kaayyoo Gooree Barbaachisummaa Qorannichaa, Daangaa qorannichaa, Hanqina Qorannichaafi Hiika Yaadrimeewwan Qorannichaati.

## 1.1 Seen Duubee Qorannichaa

Jechi 'sirba'jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a. Haa ta'uu malee, sochii qaamaa osoo hintaane walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu ]sirba osoo hintaane maqaa ittiin beekkamu qaba. Innis, hurruubbii jedhama.Naannoo oromiyaa keessattis hurruubii gosa adda addaatu argama.Akka fakkeenyaattis shaggooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi ragada maqaa dhahuun nidanda'ama.

Muktar Hasan (1994), Egaa sirbi walaloo yeedaloon weelliifamu yemmuu ta'u, sochiin qaamaa immoo hurruubbii yeedaloo sanaa wajjiin deemudha. Kanaafuu sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha.Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosti kunneenis: Sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba siyaasaafi kkf dha. Qoqqooddiin kunis, waan inni sirbamuuf irratti bu'uuruun raawwatama.Kunis, dhimma jedhamuuf sanaan walqabachuun waltajjii sirbamuun dhugooma. Kana malees, sibootni kun yoomessa keessatti sirbamanis niqabu jechuudha. Kunis siyaasaa irratti yommuu sirbaman haala qabatama siyaasa sanaan kan dhiyaatan waan ta'aniif sirboota siyaasaa jedhamu.

Berhanu (2013), Sirbi siyaasaa namoota adda addaan bakkaafi haala adda addaa keessatti raawwatamu irratti hundaa'anii kanneen sirbamaniidha. Kunis, sirboota siyaasaa nama dhuunfaas ta'ee gareen sirbaman ta'anii qabiyyeefi faayidaa namni dhuunfaas ta'ee garee hojii hojjetamu sana keessatti wal jajjabeessuu, haamilee walii kennuu, walqeequu, walbarsiisuufi k.k.f dhimma itti bahudha. Kanas, ragaan toora https://www.thoughtco.com>what-are-w---jedhu haala kanaan ibsa.*"Poletical songs are those that are sung while working or performing a task. It's also a way to express a laborer sentiment about his/her job and work conditions."*

Akkaataa ibsa armaan olii kanaatti sirbi siyaasaa kan sirbamu yeroo adeemsi siyaasaa yookiin gochaan tokko raawwatamaa jiruudha. Innis, miira sirbitootaa yeroo siyaasa toora irra jiranii sanaa ibsuuf gargaara. Uummanni Oromoo Saba hedduu lafa bal'aa qabatee argamudha. Uummanni kun seenaa aadaa, duudhaa ,amantaafi siyaasa mataa isaa qaba. Alamaayyoo (1998:21) Uummanni

Oromoo waantoota ittiin beekamu keessaa aadaa, amantaafi siyaasa isaaf iddoo guddaa qabaachuusaati. Gemechu (2003, f.89 ibsu) yoo:

> *"Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, bliefs, rituals, sorrow, and joys, and songs are the means by which the society expresses its feelings and emotions, understanding about the past, react to the present situatins, teaches the new generation and forwards to the coming generation."*

Akka yaada kanaatti sirboonni karaalee uummatni Oromoo barsiifatalee isaa, duudhaalee isaa, amantaalee isaa, mallattoolee isaa, siyaasa, gaddasaafi gammachuu isaa ittiin ibsatuudha. Akkasumas, sirboonni kan hawaasni fedhiifi kaka'umsa isaa, haala darbe, haalaammaafi haala yeroo dhufuu walitti fidee kan hubachisu, dhaloota haaraa kan barsiisuufi dhaloota dhufutti dabarsuun kan mul'isuudha. Sirboonnis tajaajilaafi yoomessa keessatti gaggeeffaman irratti hundaa'uudhaan bakka garaagaraatti qoodamu. Sirbi hawaasa tokkoof faayidaa qaba. Dirribaa, (1999, f, 4) yammuu ibsu sirbi bashannansiisuuf, ittiin barsiisuuf,safuu hawaasichaa dhaloota biraatti darbuu isaa to'achuufi kan kana fakkaataniif gargaara. Okpewho(1992,f.106) akka ibsetti, sirbi gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaafi yaaddoo namni qaburraa qaamaafi sammuu namaa kan walaboomsu akka qabudha.Yaada kanarraa wanti hubatamu hawaasni tokko jiruufi jireenya jiraatu keessatti gaddaafi gammachuu qabu kan inni ittiin ibsatu haala kanaan ta'uu isaati. Hawaasa addunyaa keessaa namoonni ogummaa adda addaa qaban nijiru.

Ogumni isaan qaban kunis, kan uumamaan isaaniif kenname yookaan uumamni isaan badhaaseefi kan shaakala yookaan akkeessaa adda addaa irraa argatanidha. Ogumni isaan uumamaan argatan kunis, oguma weellisuu, sirbuu, dhiichisuu, walaloo walaleessuufi kan kana fakkaatanidha.

Namoonni uumamaan kennaa akkasii qaban dandeettii addaa isaanii kanatti fayyadamuun uumee yookaan kalaqa sammuu isaanii bifa walaloon, weedduun, sirbaan, dhiichisaan dhiyeessu.Sirbi karaa namoonni waan keessa isaanitti dhaga'ame akkaataa barbaadaniin itti ibsataniidha.Kana jechuunis, gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, akkasumas, haala jiruufi jireenya isaanii yoomessa garaagaraa keessatti ibsatu.Kunis, yeroo karaa deeman, mana cidhatti, bakka hojiitti ta'uu danda'a.Bakka hojiitti gaafa jedhamu akkuma hayyoon olii kaasan uummatni Oromoo yeroo hojii gamtoominaan hojjetan yookiin dhuunfaan hojjetan sirba hojiichaan wal qabate sirbu.

Kaayyoo guddaan sirba kunneenii namoonni waan keessa isaaniitti dhaga'amu sodaa tokko malee dhageesifachuuf kan sirban yoo ta'an kanaan ala dhimmoota adda addaa kaasuun kan qeeqaniidha. Dhimmoonni kunis, hawwii jireenya isaanii fooyyeeffachuuf qaban, hawaasummaa waliinii cimsuu, dhiibbaa hawwaasa isaaniirra jiru bakkeetti baasuuf, diddaa gabrummaa mul'isuufi kkf ittiin ibsatu. Akkuma beekamu yeroo dhiyoo as haalli biyyi keenya keessa jirtu ulfaataafi rakkisaa ta'uurraan kan ka'e sirboonni qabsoo eddo garaa garaatti finiinanii argamu. Haa ta'u malee, sababa adda addaarraan kan ka'e sirboota akkasii irraatti qorannoon bal'aa ta'e hingaggeeffamne. Haaluma kanaan sirba ilaalchisuun hayyoonni garaa garaa haalaa garaa garan qorannoo gaggeessaniiru. Kanumarraa ka'uun qorattuunis qaacceessa qabiyyee, ergaafi faayidaa sirboota qabsoo bara qeerroo jala jijjiiramaa, yeroo jijjiiraamaafi jijjiiramaan booda sirbaman yeroo ammaa kana gabaarra jiran kanneen hawwaasa biraatti fudhatamummaa guddaa argataanii jiran gumaacha siyaasaa isaan hawwaasasaaf gumaachan qaacceessuu irratti kan xiyyeeffattedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Sirboonni qabsoo akka meeshaa waraanaatti fudhatamu. Kanarraa kan ka'e biyyoota baay'ee keessatti jaallatamummaa guddaa qabu. Kunis meeshaa human qabeessa hawaasa tokkoomsuufi dhimmoota murteessoo hawaasaa kanneen ta'an barsiisuu danda'uudha jedhameeti yaadama. Sirbi qaama eenyummaa siyaasaa garaagarummaa nuuf kan biro gidduu jiru ibsuudha. Kanaanis akka dirree waraanaa kan haasaa siyaasaatti tajaajila. Kun immoo sirbi meeshaa waldiddaa ykn waraana sochoosu ta'uun dhimma itti akka bahamu taasiseera. Keessumaa sochii qabsoo keessatti waraanicha suphuuf, miira namootaa walitti hidhuuf ykn nageenya buusuuf baay'ee fayyada. Sirbaan malee waraaqsi hin jiru jedhamee beekama. Kaayyoon ijoon sirboota qabsoos falaasama waraaqsa hawaasaa irra dhaabbachuun hawaasni jijjiirama akka mul'isu gochuudha. Kanaanis sirboota qabsootti fayyadamuun ummata rakkoon mudatee jiru hubachiisuun haala siyaasaa ykn hawaasummaa kakaasuun hawaasa keessatti jijjiirama fiduun akka danda'amu qorannoowwan adda addaa ni ibsu. Sirboota qabsoo oromoo irrattis yeroo adda addaatti qorannoowwan hedduun hojjetamaniiru. Mata duree qorannoo kana wajjiin qorqnnoowwan walitti dhiyeenya qaban yoo ilaalle: Soofiyaa (2019) mata duree "Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Miidhaafi Diddaa Oromoo Ibsan: kan bara 2013-2018tti" jedhamu irratti xiyyeeffachuun qorannoo gaggeessitee jirti. Qorannoo kunis kan kiyya wajjiin walfakkeenyi isaanii sirboota qabsoo irrtti xiyyeeffachuun qabiyyeefi ergaa isaanii xiinxaluu isaati. Garaagarummaan isaanii ammo kan ishee karaa yaadiddama faayidaalessummaa, yaadiddama diddaafi hariiroo fakkoomiin xiinxala

gaggeeffamedha. Kan koo garuu yaadiddama qeeqa qorannoo hawaasaafi yaadiddama xiinxala qeeqa wallee irratti xiyyeeffachuun galumsa siyaasaa keessatti qorannoo hojjetamedha. Habtaamuu (2019) mata duree, “Xiinxala Sirboota Diddaa,Xiyyeeffannoon Fayyadama Affaanii Sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti Muddi jedhan keessatti,” jedhu irratti qorannoo gaggeessuu danda’eera. Siisay (2019) mata duree, “Geerarsa Caalaa Bultumee(2008): Qaaccessa Diddaa Maasteer Pilaanii Gama Fayyadama Affaaniittiin,” jedhurratti hojjetameera. Akkasumas Caalaa (2019), Qaaccessa Sirba Haacaaluu Hundeessaa Jirra Jirraa: Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaaniirratti “ mata duree jedhurratti qorannoo gaggeesseera. Qorannoon kunis yaadiddama qabatamummaa (pragmtics) fi qaaccessa haasbarruu gadi fageenyan kan gaggeeffamedha. Walumaagalatti, qorannoon Habtaamuu, Siisayiifi Caalaa gama itti fayyadama afaanii irratti yoo xiyyeeffatan, kankoo ammoo gama qabiyyee, ergaafi faayidaa isaanii xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo koo wajjiin garaagarummaa niqabu.  Akkan mata duree kana irratti qorannoo gaggeessuuf wanti nakakaase, hangan sakata’ee hubadhetti qorannoowwan sirboota qabsoo irratti hojjetaman baay’inaan gama xiinqooqaa (itti fayyadama afaanii) irratti xiyyeeffatu. Gama qabiyyee, ergaaleefi faayidaawwan sirbootaa irratti xiyyeeffachuun qorannoowwan hojjetaman muraasa. Anis kana irraa ka’uudhaan qaawwa kana duuchuuf qabiyyee, ergaaleefi faayidaawwan sirboota qabsoo irratti xiyyeeffadhee galumsa siyaasaa keessatti qorannoo kana hojjechuuf itti seene.  Sirboota qabsoo irratti qorannoo gochuun dhaloonni siyasa Oromoofi dhimmoota biro irratti hubannoo akka argatan taasisa. Akkasumas yoo qorannoon irratti taasifame beekumsa dabaluuf bifa barreeffamaan barreeffamee dhalootaaf olkaa’amuu nidanda’a. Kanumarraa ka’uudhaan qaaccessa qabiyyee, ergaafi faayidaa sirboota qabsoo Oromoo jijjiiramaan dura bara 2008A.L.I , yeroo jijjiiramaa bara 2010A.L.I fi jijjiirama booda bara 2013A.L.I sirbaman keessaa kanneen filataman irratti xiyyeeffachuun sakatta’insa taasisuun galumsa siyaasa Oromoo irratti hundaa’uun xiinxalee galmeessuun dhaloota har’aa barsiisee, kan itti aanuuf ammo bifa barreeffamaan olkaa’uuf kaayyoo taasifadhee itti seene. Walumaagalatti qorannoon kun gaaffilee qorannichaa armaan gaditti dhiyaataniif deebii kenna.

1. Sirboonni qabsoo bara qeerroo jijjiiramaaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiirama booda sirbaman keessaa sirboota “**Maalan jiraa, Gadaatu keetii**fi **Daadoo**” jedhan duraaduubaan qabiyyee maal maal ofkeessaa qabu?

2. Sirboonni qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramafi jijjiiramaan booda sirbamaan keessaa “**Maalan jiraa, Gadaatu keetiifi Daadoo**” jedhan duraa duubaan ergaa akkamii hawaasaaf dabarsu?
3. Sirboonni qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramafi jijjiiramaan booda sirbaman keessaa “**Maalan jiraa, Gadaatu keetiifi Daadoo**” jedhan faayidaan hawaasaaf qaban maalii?

## 1.3 Kaayyoo Qorannichaa

Qaorannoon tokko yommuu geggeeffamu kaayyoo mataa isaa ni qabaata. Haaluma kanaan qorannoon kun kaayyoo lama of jalatti qabatee kan dhiyaatedha. Isaanis akkaataa armaan gadiin kan dhiyaatanidha.

### 1.3.1 Kaayyoo gooroo qorannichaa

Kaayyoon gooroon qorannoo kanaa sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramafi jijjiirama booda sirbaman galumsa siyaasa Oromoo keessatti qabiyyee, ergaafi faayidaa isaanii xiinxaluun yaada furmaataa kaa’uudha.

### 1.3.2 Kaayyoo Gooree Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyolee gooree armaan gadii irratti hundaa’uun gaggeeffame:

**2.** Qabiyyeen sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiirama booda sirbaman keessaa “**Maalan jiraa**, **Gadaatu keetii**fi **Daadoo”** jedhan dhimmoota akkamii irratti akka xiyyeeffatan ibsuu.

**3.** Sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramafi jijjiirama booda sirbaman keessaa “**Maalan jiraa**, **Gadaatu keetii**fi **Daadoo”** jedhan ergaa akkamii akka hawaasaaf dabarsan ibsuu.

4. Faayidaan sirboonni qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramafi jijjiirama booda sirbaman keessaa “**Maalan jiraa**, **Gadaatu keetii**fi **Daadoo”** jedhan hawaasaaf qaban maal akka ta’e ibsuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun yoo geggeeffamee bakka dubbifamuu danda'u mana dubbisaa uummataafi yuunivarsiitii qorannoon kun keessatti geggeeffameefi Marsariitii Yunvarsiitii Finfinneerra yoo taa'e kanneen fayyaduu danda’a jedhamee yaadama.

Qabiyyeen, ergaaniifi faayidaan sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiirama booda sirbamaani kunneen keessaa "**Maalan jiraa**, **Gadaatu keetii**fi **Daadoo**" jedhu namoota qorannoo kana dubbisaniif hubannoo kenna. Akkasumas, Caasaan sirboota kana keessatti dhiyaatan maal akka ta'an ibsuuf kan gargaaru yommuu ta'u, faayidaa sirbotni kun hawaasa oromoof qaban adda baasee hubachiisuuf, ibsuuf, argisiisuuf fayyaduu danda'a. Karaa biraatiin, namoota sirba siyaasaa biroo irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif karaa saaquu kan danda'u ta'ee, namoota qabiyyee, ergaafi faayidaa siyaasaa sirbichaa hingaliiniif hubannoo kennuun fayyaaduu dandaa'a.

Walumaa galaatti qorannoon kun qoratamee gaafa hojirra oolu, namoonni gara fuula duraatti sirba siyaasaa hojjechuu barbaadani qabiyyee, ijaarsaafi ergaa akkamiirratti xiyyeeffachuu akka qabaani karaa kan itti agarsiisu ta'ee tajaajiluu ni dandaa'a. Akkasumas qabsaa'onni hojii kana hawaasaaf gumaachanii addunyaa kana irraa boqotan dhamaatiin isaanii lubbuu horatee dhaloota itti aanutti akka darbu gahee niqabaata.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorattuun gama tokkoon qorannoo daangaa bal'aa gaggeessuun odeeffannoo hedduu argachuufi rakkoowwan hedduu ifa baasuuf akka gargaaru kan amantu ta'ullee, gama biraatiin ammo, daangaa qorannoo dhiphisuun seeruma qorannoo ta'uu ni hubatti. Qorannoon kun sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiirama booda sirbamaani mara irraatti osoo gaggeeffamee bu'aa argamu mul'isee faayidaa ol'aanaa qaba ture. Kana gochuuf immoo, humna namaa, yeroofi baasii guddaa waan gaafatuuf ulfaataadha. Karaa biraatiin immoo, qorannoon gaggeeffamu tokko salphaafi to'atamaa akka ta'uuf daangessuun murteessaa ta'ee waan argameefi. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan dura sirbaman keessaa sirba Haacaaluu Hundeessaa "**Maalan jiraa**" (2008A.L.I), sirboota yeroo jijjiiramaa sirbaman keessaa sirba Andu'aalem Gosaa "**Gadaatu keeti**" (2010A.L.I) fi sirboota jijjiiramaan boodaa sirbaman keessaa immoo sirba Dinqiisaa Dabalaa "**Daadoo**" (2013A.L.I) jedhu filachuun qabiyyee, ergaafi faayidaa isaanii qaaccessuurratti kan daangeffamedha.

## 1.6 Hanqina Qorannoo

Qorannoo gaggeeffamu kam keessattu hanqinni jiraachuu danda'a. Qorannoon kunnis adeemsaaf bu'aa bahii hedduu keessa darbee sadarkaa kanagahuun xumurameera. Haaluma kanaanhanqinni muraasnni as keessatti mul'atan nijiru. Afaan Oromoo erga afaan barnootaa ta'ee waggoota

gabaabduudha.Yeroo gabaabaa kana keessaatti ammoo, hojiileen ykn qorannoowwan afaanichaan hojjetamanii qorannoo kanaaf tumsa gochuu danda'an daran muraasa.kun ammoo, qorattuun jechootaafi wabiilee adda addaa akka barbaadetti fayyadamuuf gufuudha.inni kan biroon hanqinna baajetaafi yerooti.kanaaf qorattuun hanqinoota kanneen hunda wal dandeessistee keessa baatee jirti.

### 1.7 Hiika Yaadrimeewwan Qorannoo

Mata duree kana jalatti jechoota ijoo ta'an yaadrimeewwan qorannoo kana keessatti haala galumsaa itti dhimma bahamanii (context) fi gama maalummaawwan fayyadamiinsaatiin (opretional definitions) kan ibsamanidha. Maalummaan yaadrimeewwanii kunis qorannoo kana keessatti hiika qorannoof barbaachisaa (significant meaning) ta'e akka qabaatuuf hiikni kan itti kennamedha.

**Sirboota:** Walaloo irra kan kalaqamu ta'ee, akkaataa qindoomina qabuun barreeffamuun jechoota filatamaniifi gaaleewwan gaggabaaboon kan dhiyaatu; bifa yeedaloofi meeshaa muuziqaan qindaa'ee afaaniin kan dhiyaate ta'ee, ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isudha.

**Siyaasa:** Siyaasaaf hiikkaa nama hunda waliigalchu kennuun ni ulfaata. Kunis hiikni jecha kanaaf kennamu yeroo gara yerootti nijijjiirama. Kanarra kan ka'e, jecha kanaaf hiika waliigalaa kennuu mannaa karaa adda addaatiin hiikuu yaalu. Siyaasa irratti qormaata taasifameen yaadonni garaagaraa kanneen akka: siyaasni akka aartii mootummaatti, akka gaggeessuufi bulchinsa dhimma ummataatti, akka qorannoo waldhabdee hiikuutti, akka qorannoo aangoofi kkf jechuun ilaalu(Modebadze, 2010).

**Qabsoo:** Jijjiiraa hundee ykn fonqolcha fiduudhaaf warraaqsa godhamudha. Kunis warraaqsa sirna cunqursaafi saamichaa dhabamsiisee sirna haaraan bakka buusuuf taasifamu jechuudha. Cunqurfamtoonni cunqursaa ofirraa kaasanii sirna cunqursaafi saamichi keessa hinjirre gadi dhaabanii walqixxummaan jiraachuuf qabsoo godhu. Kanaafuu, qabsoo jechuun sochii ummanni mirga isaa kabachiifachuuf taasisu farra cunqursaafi saamichaati jechuudha.

**Sirboota Qabsoo:** Sirboonni qabsoo hubannoo siyaasaaf hawaasummaa uumuun ka'umsa rakkoowwan hawaasaa irratti hubannoo hawaasaaf kan laatu; akkasumas ilaalcha uumama safuu hawaasaa irraa maqe ykn aarsaa isaan kaffalchiisu tokkoof furmaata dhugaa wanta ta'u kan akeekuufi sochiiwwan uuman qabu jechuudha.

**Qeerroo:** Akka hawaasa keessatti beekamutti qeerroo jechuun dargaggeessa hinfuudhiin yookiin mana hin dhaabbatiin jechuudha. Sochii warraaqsaa keessatti immoo qeerroo jechuun qaama qabsoo ummataa keessatti qooda fudhachaa turan hundinuu moggaasa kanaan kan waamamanidha.

**Ergaawwan Sirbootaa:** Weellisaan tokko maal akka dabarsuu barbaade, gochoota sirbicha keessatti raawwatamaniifi dubbatamaniin walqabatee dhaamsi isaa maal kan jedhuufi guutummaan sirbichaa maal jedha kan jedhu irratti xiyyeeffachuun kan xiinxalamudha. Akkasumas, yaada qabata hafee (text) tokkoo kan ijoo(core) ta'eef waan inni irratti hundaa'e gabaabsanii kaa'uu kan agarsiisudha.

**Qabiyyeewwan Sirboota:** Barreeffama walaloo sirbaa sana keessatti jechoota mul'atan qorachuuf, adeemsaafi akkaataa jechoota isaan itti fayyadaman, irra deddeebiin isaanii, hariiroon isaaniifi caasaa sana irrtti hundaa'uun dhimmoota akkamii akka ibsan irratti xiinxala taasisuudha. Kunis jechoonni, gaaleewwaniifi toorri walaloowwanii maal akka ibsan xiinxala taasifamudha.

**Faayidaawwan Sirbootaa:** Hawaasni dhiibaafi cunqursaa garaagaraa jala jiran dammaqanii mirga isaanii akka falmatan isaan kakaasuudha. Akkasumas nageenya tasgabeessuufi hawaasa dhaggeefatu tokkoof miira yookiin wanta keessa isaatti dhaga'amu ittiin ibsachuuf gahee guddaa qaba.

**Jijjiirama:** Jijjiiramni sirna siyaasaa tokkoo irraa gara sirna birootti cee'uudha. Sirni siyaasa biyya tokkoo hawaasa irratti miidhaafi cunqursaa kan geessisu yoo ta'e waraaqsa gochuun ofirraa kaasuudha. Kanaafuu, jijjiiramni siyaasa keessatti qabsoo ummataan sirna keessa turan irraa gara sirna haaraatti darbuu kan mul'isudha.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun barruuwwan waa'ee qorannoo kanaa cimsan dabalatee qorannoowwaan aantee kana dura hojjetaman of keessatti haammata. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti kan ilaallamus: Ogbarruu, Faayidaa Ogbarruu, gosoota ogbarruu, ogbarruu barreeffamaa, Faayidaa Ogbarruu Barreeffamaa, Faayidaa fil-jechaa Og-barruu keessaatti, Yaadrimee Sirbaa, Maalummaa sirba, Faayidaa sirbaa, Akaakuu Sirbaa, Qabiyyee Sirbaa, Qorannoowwaan aanteefi Yaaxinaalee qorannichaatu dhiyyaatee jira.

## 2.1. Maalummaanfi Yaadrimee Ogbarruu

Ogbarruun seenaa dhala namaa keessatti bara dheeraaf kan ture waan ta'eef, yaadawwan hedduun kan itti kenname, falmiwwaniifi qorannooleen hedduun kanirratti gaggeeffamedha. Ogbarruu ilaalchisee wanta hedduutu jedhame. Maalummaasaa, faayidaasaa, amalasaa, wanta inni ofjalatti haammatu, jijjiirama beekumsaa, falaasamaa, jireenyaarratti dhiibbaa inni qabu ilaalchisee wanti hedduun jedhamanii jiru. Dhimma kana Asafaa (2009, f.16-17) *"Ogbarruun ogummaa umurii dheeraa waan qabuuf qorannoon garaa garaa bal'inaan irratti gaggeeffameera.Yaadniifi mormiiwwan adda addaas irratti dhihaataniiru. Haala bal'ina ogbarruu, faayidaafi maalummaa isaarratti waan hedduun jedhameera".* Kunis, hiikniifi yaadrimeen ogbarruuf kennamu bal'aa ta'uusaa kan nu hubachiisudha. Dansi, M. (Ed).(2004). yeroo ibsan, "Ogbarruun sammuu dhala namaatiin kan uumamu, jechoota filatamoon kan ibsamu, miidhagina kan qabu, haqniifi jireenyi kan ittiin ibsamu, miiratti kan dhaga'amu …." jedhu.

Walumagalatti, ogbarruun beekumsa waa'ee dhala namaafi waa'ee jireenyaa qabnu bal'isuurra darbee naannoo keenyaafi hawaasa keenya akka hubachuu dandeenyutti kan nu qopheessu, haqa jireenyaa dhihaaturraa ka'uunis namas ta'e hawaasicha madaaluu kan nudandeessisu dammaqina sammuu nuuf kenna. Kanaanis, gochaafi amala namarratti arginu akka qeeqnu, sochii hawaasicha keessatti taasifamu akka xiinxallu nu taasisa. Og-barruun hojii kalaqaa ta'ee kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwii, jibba, jaalalaafi kan kana fakkaatan lubbuu itti horee, miidhagsee hojii ilma namaa walitti qindeessee kan agarsiisudha. Getaachoo, (2005).Wasanee(2008), Zarihuun,(1992) wabeeffachuun qabxiilee armaan gadii ibseera.

> *“Og-barruun dabarsa baattoo aadaa ummataati. Galmee jiruu fi jireenya kan namoota beekumsa sadarkaa adda addaa qabaniif boca adda addaatiin kalaqamee taa’e dha. Og-barruudhaaf hiika kennuun akka hin danda’amneefi og-barruun muuxannoo jireenya keenya keessatti keessa dabaruudha.”*

## 2.2. Faayidaa Og-barruu

Faayidaan og-barruu safuu aadaa (duudhaa) saba tokkoo eeguufi kunuunsuu akkasumas, barsiisuuf gahee olaanaa kan qabu dha. Wasanee (2008, f.17) haala sammuu gabbisuun barsiisuu, hubachiisuu, bal’isanii akka yaadan gochuufi duudhaa hawaasaa dhalootaaf dabarsuu, falaasamaafi seenaa duraanii as fiduun isa har’aa qajeelchuuf og-barruun faayidaa guddaa akka qabudha.

## 2.3. Gosoota Ogbarruu

Barreesitoonni adda addaa ulaagaa garaagaraa irratti hundaa’uun ogbarruu bakka adda addaatti qoodu.Bu’uurama kanaan Jecha 'literature' jedhuuf ogum jedhu Asafaa Tafarraa kitaaba isaa Eela keessatti ibseera; ogummaan waan barreeffame bakka bu'a. Waantonni barreeffaman: asoosamni, walaloon, diraamaan, al-asoosamni, barreeffamoonni saayinsii, seenaa, gabaasa, xalayaalee, galmee yaadannoo dhuunfaa, seenaa dhuunfaa ogummaa jalatti ramadamu. Ogbarruun hojii kalaqaa barreeffamanii argaman kanneen akka asoosamaa, ogwalaloo, diraamaafi fiilmii kan ofkeessaatti haammatuudha.

## 2.4 Ogbarruu Barreeffamaa

Ogbarruun barreeffamaa, kalaqa sammuu ilma namaa barreeffamaan jiru hunda hammata. Askeessatti wanti hubatamuu qabu, ogbarruun waan barreeffamee jiru hunda osoo hin taane,waan kalaqa sammuu dabalatu qofa. Barreessitoonni adda addaa haala adda addaatiin ogbarruu barreeffamaa ni qoodu isaan keessaas, Birhanun (2009, f.12) akka armaan gaditti kaa’a.

> *“Literature may be classified in to four categories.These are prose fiction, poetry, drama, and non-fiction.The first three are classified under imaginative literature. Non-fiction on the other hand, includes news-reports, feature articles, historical and biographical works and the like, all of which describe or interpret facts and present judgments and options.”*

Yaada armaan olii irraa akkuma hubatamutti ogbarruun garee afuritti qoodamuu nidanda’a. Isaanis: asoosama dhangala’aa, walaloo, diraamaafi alasoosama. Kanneen jalqabaa sadan ogbarruu arga

yaadaan kalaqaman jalatti ramadamu.Alasoosamni immoo barreeffamoota dhugaa himaniifi murtoo ibsan of jalatti hammatu.

## 2.5. Fayyidaa Ogbarruu Barreeffamaa

Barreessitoonni ogbarruu afoolota qabiyyeen isaanii kan hawaasa ta'an kanneenitti fayyadamuu yeroo barreessan mul'atu. Sababoota barreessitoonni afoolatti fayyadaman adda baasanii kaa'uun ulfaataa ta'uufi lamaanuu ykn ogbarruun baay'ee kan walitti siqan ta'uusaa, Dundes (1965, f.37) yeroo ibsu: *"Here we see no fewer than three problems arising from three different kinds of relationship. (1) Folklore is, in many cultures, indistinguishable from literature; (2) literature contains elements borrowed from folklore; and (3) writers have imitated folklore"* jechuun dubbata.

Yaanni Alen Dandus kun hariiroo ogbbarruun kan ittiin adda baasnuu waan sadiin ala ta'uu akka hindandeenye ibsuun, aadaa hawaasa kamiyyuu biratti fooklooriin ogbarruurraa adda bahee ilaalamuu dhabuusaa, ogbarruun firiiwwan fookiloorii ergifachuusaafi barreessitoonni fookiloorii fakkeessuuf (imitate) waan yaalaniif akka ta'e ibsa.

## 2.6. Faayidaa Fiil-jechaa Ogbarruu barreeffamaa keessaatti

Filannoo jechootaa jechuun kanneen fayyadama jechootaa keessaa tokko ta'ee, jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuun yaada ifa ta'e dhiheessuu waliin kan walqabatuudha. Kun hawaasa keessa jirru waliin kan walqabatuudha. Haaluma kanaan, kitaaba asoosamaa 'Soba Garee' keessatti fayyadamni afaanii kannneen akka filannoo jechootaa adda addaa fayyadamuun mul'ata.

Ayub (2008) yaada kana yoo ibsu "The language choice of the community members in the mentioned domains with people of the respective domain we investgeted'' jedha. Jechoonni filamanii hawaasa keessatti akkasumas kitaaba kana keessatti ergaa isaan dabarsan olaanaadha.

Ogbarruu barreeffamaa keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Kunis asoosamoota Afaan Oromoo barreeffaman keessatti filannoon jechootaa kan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo sirriittiibsuuf itti gargaaramnuudha. Karaa biraatiin, filannoon jechootaa barreeffamni tokko hawwataafi miira dubbistootaa harkisuu akka danda'u kan godhuudha.

## 2.7. Gosoota Ogbarruu Barreeffamaa

### 2.7, 1 Asoosama

Asoosamni sanyii ogbarruu barreeffamaa ta'ee, hojii kalaqa sammuu ilma namaa kan bu'a ba'ii hawaasaa adunyaa kana keessatti qunnameefi qunnamuu danda'u uumeefi qindeessee bifa qabatama ta'een kan hawaasaaf dhiyeessudha. Odeeffannoo toora interneetirraa argame https://en.wikipedia.org/wiki/ 'Fiction' yaada rimee asoosamaa yoo ibsu, "Fiction is a term used to classify any story created by the imagination, rather than based strictly on history or fact."

Asoosamni seenaa dhugaafi qabataamarratti hundaahuurra hojii uumee ykn kalaqaa ta'ee kan sadaan (imagination) barreeffamu muuxannoo hawaasaa ta'uu agarsiisa.

### 2.7.2 Diraamaa /Weeshoo

Diraamaa yookaan weeshoon gosoota og barruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee, akkuma og-barruuwwan barreeffamaa kanneen biroo ergaa mataa isaafi faaydaa mataa isaa qabaachuun kan dhiyaatudha. Faayidaan diraamaan yookaan weeshoon qabu uummata Oromoo biratti bashannansiisu, barsiisuu, qeequu, onnachiisuu, ceepha'uufi kkf iddoo olaana qabachuudhaan kan dhimma itti bahamudha.

### 2.7.3 Og-Walaloo

Ogwalaloon damee og barruu keessaa tokko ta'ee bakka lamaatti kan qoodamu yommuu ta'u: Og-walaloo barreeffamaafi Og walaloo afoolaa jedhamee beekama.Og walaloon afoolaa damee og barruu afoolaa ta'ee, afaaniin dhaloota irraa dhalootatti kan darbuudha. "Walaloo afaaniin himamu afwalaloo jennaan" Tafarii (2010:7). Kanaafu walaloon kan barreeffamaan taa'uufi kan afaaniin himamaudha. Yaada barreessa kanaa irraa wanati hubatamu afwalalooon afaaniin himamaa turuu isaa agarsiisa.

Walaloon barreeffama damee ogbarruu keessaa kan midhaginaan barreeffamee dubbisaaf dhiyaatudha. Walaloon barreeffamaa ogbarruuwwan kaan caala filannoo jechaan, fayyadama mala dubbiifi sureessuu gargaaramee waan dhiyaatuuf yaada baay'ee bal'aa ta'ee tokko bifa gurmaa'een ibsa.

## 2.8. Gosoota Walaloo

Barreessitoonni adda addaa akaakuu walaloo hala adda addaaan ibsu Tafarii (2010, f.7).Walaloo afaaniin himamu afwalaloo jennaan.Walaloo akkasii yeroof waan walaleeffaman irratti hundaa'uun

iddoo saddeetitti qooodna. Walaloowwan kun yeedaloo waan qabaniif sirba aadaa Oromoos ni jedhamu.Walaloo jaalalaa, Geerarsa, Walaloo hojii (horii faarsuufi qonna), Walaloo amantaa (irreecha, ateetee, kadhannaa), Walaloo ayyaanaa (cidha, hamaamota, gadaa), Urursuu (daa'imman sossobuu), Walaloo fototoo (nama kan ittiin qeeqnu kan arrabsinuu), Walaloo mirrisaa, bakka barbaadnetti miira (gaddas ta'e gammachuu ykn yaaddoo keenya kan ittiin ibsinu) jechuun eera.

## 2.9. Faayidaa walaloo

Akka Hayiluun (1997, f.104) ibsutti: *"walaloon bifa adda addaatiin jiran kannen keessa tokko sirbadha. Faayidaan walaloo kanaas, bakka itti gargaaramutti adda addummaa qaba. Yeroo hedduu dargaggeessiifi durbi walitti sirbuun durba ittiin faarfachuuf yookaan ittiin garaa laaffifachuuf kan faarfatamuudha. Aadaa uummata Oromoo akka walii galaatti yoo ilaalle sirbi jaalalaa jaalalleewwan laman gidduutti sirbama. Kan isaan sirbanis,bakka cidhaatti, guyyaa ayyaanaafi kan kana fakkaatanitti sirbuu danda'u."*

Walumagalaatti Og-walaloon qabeenya hawaasa kalaqa sammuu muuxannoo jireenya yeroo dheeraa ta'u isaati.

## 2.10. Maalummaafi Yaadrimee Sirba

Jechi 'sirba' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'eetti beekkamuu danda'a. Haata'u malee, sochii qaamaa osoo hin tane walaloo yeedaloon sagaleeffamee, hurrubummaan dhugoomudha.Sochii garuu maqaa ittiin beekamu qaba.Isaanis; hurruubbii jedhama. Sirbi walaloo afoolaa miira gammachuu mul'isu ta'ee, sochii qaamaatiin kan walqabatudha. Hiikaafi kanneen biroon (2010) sirba akka ibsanitti, sirbi aadaa Oromoo keessatti afwalaloo haala sirbaatiin dhiyaatudha.Walaloon sirba aadaa haala raawwiifi iddoo yookiin haala itti raawwatu adda addaa qaba.Kunis, sirbi masqalaafi sirbi hojii (haamaa) fakkeenyaaf akkaataa itti raawwataniin, akkasumas qabiyyee isaaniitiin yookiin iddoo itti dhiyaataniin garaagarummaa qabu. Sirbi aadaa Oromoo gosoota kanneen akka: sirba ayyaanaa, sirba jaalalaa, sirba hojii, sirba cidhaa, sirba foollee, sirba qaammee, sirba daboofi haamaa ofkeessatti hammata. Richard Bauman,(1992:73) yoo ibsu: *"song is ashort poem or other set of word or set to music or meat to be sung and abrief composition written or adapted for singing"* jechuun ibsa. Yaadni kunis, sirbi walaloo gabaabduu yookiin tuuta jechootaa yookiin muuziqaan kan dhiyaatu yookiin kan faarfatamuufi barreeffama ifaa yookiin sirbamun kan amalateeffameedha. Akka Gammachuun (2003:6) Harry Shaw (1972) wabeeffchuun akka addeessutti,

"Song is ashort metrical composition intended for singing alyric and balled" jedha. Akka yaada oolii kanarraa hubachuun danda'amutti sirbi yookaan weedduun kan safara gabaabaa ofkeessaa qabuufi kan weedduu yookaan sirba garaagaraa sirbuuf fayyaduudha.Gemechu, (2003:89) yoo ibsu,

> *"Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, bliefs, rituals, sorrow, and joys. And songs are the means by which the society expresses its feelings and emotions, understanding about the past, react to the present situatins teaches the new generation and forwards to the coming generation."*

Sirboonni karaalee uummatni Oromoo barsiifatalee isaa, duudhaalee isaa, amantaalee isaa, mallattoolee isaa, gaddaisaafi gammachuu isaa ittiin ibsatuudha. Akkasumas, sirboonni kan hawaasni fedhiifi kaka'umsa isaa, haala darbe, haala ammaafi haala yeroo dhufuu walitti fidee kan hubachisu, dhaloota haaraa kan barsiisuufi dhaloota dhufutti dabarsuun kan mu'isuudha. Encyclopedia Britanica (1993:vol.11) ibsutti, *"*Asong can have one of the types of these are art song and folk songs. In the case of afolk song, the song necessarily does not need music composition*"* jedha.Weedduun bakka lamatti qoodama. Isaanis, weedduu ammayyaafi aadaati Isaanis, dirqaamatti meeshaa muuziqaa kan barbaadu miti. Akkasumas, (fuula, 863), *"Folk sorg si one of the most eduring forms of folk literature (oral literature) typically asong that lives in oral traditional, learned through hering and perfoming that reading disseminated with in families and restricted social net work."* Weedduun aadaa gosa og-afaanii yeroo dheeraaf jiraatu ta'ee, keessattuu weedduun aadaa gosa og-afaanii keessatti argamu kan karaa dhaga'uufi hojjechuun baratamu kan maatiifi garee hawaasaa murtaa'aa biratti bal'inaan argamudha.

Akka toorri interneetii https://en.m.wikipedia.org>wiki.work ibsutti Sirboota aadaa gosa baay'ee kan yeedaloo, walaloo, yeedalloo ti'aatira hawaasaa, sirboota kanneen barbaachisummaa ogummaawwaniin beekaman, sirboota hojii, sirboota jaalalaa, faaruu daa'immaniifi faaruu amantaadha. Tokkoo tokkoon sirboota kanneenii bu'aa mataa isaanii qabu jechuun ibsa.

Sirbi walaloo adda addaa irratti qindaa'ee, meeshaalee muuziqaan wal-simsiifamee kan dhihaatudha. Yaada kana Nagarii (1995, f.5) Helmoon wabeeffachuun yoo ibsu: "song is lyric poem adapted expression song lyric are usually short sample sensours, emotional herhaps the most sponaneuos lyric form jedha." Weedduun gootaa gosa weedduu aadaa keessaa tokko ta'ee kan

goota (gootummaa) jajjabeessuuf gargaaruudha. Sirboonni akkaakuu afoolaa keessaa isaan tokko ta'anii kan nama bashanansiisaniifi bohaarsuuf oolanidha. Akkuma beekkamu hawaasni keenya yeroo durii irraa eegalee hanga ammatti sirbootaafi geerarsatti gargaaramuun wantoota adda addaa ibsachaa kan tureefi ammas ibsachaa kan jiruudha.

Sirbi aadaa uummata tokko keessatti bakka guddaa kan qabuufi yoom akka itti fayyadamnu illee kan beekkamudha. Sirbi kan sirbamu dhimmoota hawaasummaa kanneen akka jaalalaa, jibbaa, diddaa, roorroo, jajuuf mormuuf, gootummaaf ta'ee waa'ee Saba tokkoo kan ittiin Saba biraaf,waa'ee biyya tokkoo biyya biraatiif ittiin ibsanidha. Kana jechuun hawaasni tokko gammachuu, gadda, jaalaala jibbaa, quuqama, rakkina fi bal'ina isaa sirbaan ibsachaa kan tureedha. Namni tokko yommuu aare aarii isaa kana bifa sirbaatiin ibsata. Yoo gammades, rakkates, gaddes, jaalateefi jibes, akkasuma jechuudha. BBO (1993), Yaadota armaan olii kanarraa wanti hubatamu sirbi sochii qaamaafi yeedalloo adda addaan miidhagee akkaataa miira namaa tuquu danda'uun kan dhiyaatu ta'uusaa hubannaa.Namoonni ilaalcha waan tokkoof qaban waan jajuu barbaadan, qeequu barbaadaniifi waan isaanitti dhagahame miira isaanii sirbatti fayyadamuun dabarfachuu akka danda'an hubanna.

### 2.10.1 Qabiyyee Sirbaa

Qabiyyeen ergaa ijoo barreeffama tokkotti gargaaramnee, dabarsinu yoo ta'u, sirbi tokko gargaaramuun ergaa garagaraa dabarsuun ni danda'ama. Qabiyyeen Sirba tokkoo kan walitti hin hidhamnedha. Unki walaloo tokkoo haala bifa walaloo sanaa jechoota miidhagoo yaada bal'aa of keessaatti qabataniin kan dhiyeessu yoo ta'u qabiyyeen immoo keessi isaanii maal akka fakkaatan kan ibsudha. Kana jechuun qabiyyeen sirba tokkoo caasaa isaanii waliin qindaa'uun ergaawwan ijoo haala hawaasaa, dhimmoota jiruufi jireenya isaa qunnaman kan ittiin dabarfatudha.

Karaa biraatiin qabiyyeen haala fayyadama afaanii dhokataa ta'een namni karaa sirbaatiin rakkoo, dhibee, jiruuf jireenya isaa keessatti, roorroo irra gahe, aadaa isaa, afaan isaa,diinagdee,eenyummaasaa, gammachuu, gadda, jaalala, jibba, dhiphinaafi bal'ina isa muudate walaloo keessaatti kan ittiin ibsatanidha. Og-barruun dabarsaa aadaa uummataa ta'ee, kan galmee jiruufi jireenya dhala namaa calaqqisiisuudha.Yaada kana ilaalchisee, Jaarraan (2000,f.190) og-barruu yoo ibsu, *"Og-barruun gochaawwaan hawaasa keessatti raawwatamanii fi jireenya hawaasichaa wajjin wal qabatan, dhaloota hanga du'aatti dhiheessaa"* jedha. Itti dabalees,Wasanee (2007,f.194) Zarihuuniin (1982) waabeffachuun *"Og-barruun aadaa, duudhaafi*

*seenaa hawaasaa tokkoo kan yeroo durii jalqabee amma dhaloota ammaatti jiraniif dhufaniif darbu haaluma jijjirama eenyummaa uummataa wajjiin wal-simaachiisee kaa'udha."*

Kanaaf, og-barruun maalummaafi eenyummaa hawaasa darbee isa dhufuuf miidhaksee kan darbarsu, ogummaa kalaaqa hawaasa bal'aati." Yaada kanaatti walaloon yeroo irratti hundaahee dhimma siyaasaa, diinagdee, jireenya hawaasummaafi jijjirama naannoo waliin wal-qabatee haala yeroo irratti yaada qeeqaafi ilaalcha ofii ibsachuudhaaf kan Oromoon yeroo garagaraa gargaaramudha. Dabalataan walaloon Oromoo yaada bilchaataafi falaasamoota adda addaatiin kan beekamedha. Kun immoo namoota hawaasa keessatti muuxannoofi beekkumsaan beekamaata'antu dhimma itti ba'a jedha.

### 2.10.2 Ergaa Sirbaa

Ergaan sirbaa bal'aadha. Sababni isaas uummatni jiruuf jireenya isaa keessatti wanta qunnamu hedduuf itti fayyadama waan ta'eef. Sirbi akkuma akaakuwwan walaloo kanneen biroo ilaalcha, falaasama, amanta, abdii, hawwiifi fedhii uummataa kan addeessuudha. Garuu eessatti sirbamu akka qabu beekanii itti fayyadamuuf aadaa uummataa beekuun baay'ee barbaachisaadha.Ergaan sirbaa kunis gahee sirbi hawaasa keessatti kennurratti hundaa'ee moggaaffama. Isaanis: Sofooniyaa (1999;14-17) akka ibsanitti *"Tuffii, dhugaa, gowwummaa, firooma,wallaalummaa, hiriyummaa, qusannaa, tooftaa, gamnummaa, hiyyummaa, obsa, haqummaa, gadoo, faallaa, akkeessa, ariiffannaa, carraaqqii, kallattii, fakkaachuufi kan kana fakkaatan ta'u"* jedhu.

Sirbi bifa walaloon kan qindaa'e ta'e waa'ee wanta tokkoo bifa walalootiin qindeessee kan himuudha. Okphewhon (1992:139) akka ibsiteetti, "*walaloon afoolaa akkuma seeneffamootaa: aadaa, duudhaa, siyaasa, seenaafi haala jiruufi jireenyaa uummata tokko dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha*. Madduma kanarratti dabalatan akka ibsetti, kanneen biroon walbira qabamus, ka'umsa ifaa qabaachuun adda akka ta'u ibsera.Kanatu walaloo jechisiisa jechuun addeessa.Walaloon afoolaa gosa garaagaraatti qoodama. Isaanis: weedduu, sirba, yammuu geerarsaafi faaruu fa'a. Maalummaa isaaniis haala armaan gadiin ilaaluun ni danda'ama.

### 2.10.3 Faayidaa Sirbaa

Sirbi jiruufi jireenya dhala namaa keessatti faayidaalee hedduu qaba. Faayidaawwan sirbi qabu kana barreessittoonni hedduun waan baay'ee jedhanii barreessaniiru. Akka fakkeenyaatti Merriam (1964) faayidaawwan sirbaa bakka kudhanitti qooduun keessi (Hargreaves & North, 1999; Woube, 2010). Faayidaawwan sirbaa kunis: ibsa miiraa (emotional expression); miidhagina aartii

gammachiisaa (aesthetic enjoyment); bashannansiisa (entertainment); walqunnamtiif (communication); bakka bu‟iinsa mallattoowwanii (symbolic representation); deebiiwwan miira calaqqisiisan laachuu (physical response); safuuwwan hawaasaa akka fudhatama argataniif dirqisiisuu (enforcing conformity to social norms); jaarmiyaaleen/dhaabbileen hawaasummaafi ayyaaneffannaaleen amantiiwwanii fudhatama akka argatan taasisuu (validation of social institutions and religious rituals); tasgabbii aadaa eeguufi aadaan akka itti fufee jiraatu gochuun gumaacha taasisuu (contribution to the continuity and stability of culture) fi walitti hidhamiinsa hawaasaa keessatti gahee taphachuudha (contribution to the integration of society) (Hargreaves & North, 1999; Merriam, 1964; Woube, 2010).

Faayidaa sirboonni qaban kana keessaa inni duraa miira calaqqisiisuu danda'uudha (Merriam, 1964). Kunis sirbi meeshaa miira ummataatti dhaga'mu calaqqisiisuuf humna qabu ta'uusaa argisiisa (Tesfaye, 2012. Umunc & Ulusal, 2020) akka ibsanitti sirbi qaama aadaa keessaa tokko ta'ee, meeshaa yaadotaafi miirawwoon jajjaboo (gadi fagoo) ta'e bakka bu'anidha jedhu. Kana irraa kan ka'e hawaasni tokko gammachuu. Gadda, jaalala, jibba, quuqama, rakkinaafqi bal'ina isaa hunda kaasee akka ibsatuuf isa gargaara. Namni tokko yemmuu aare aariisaa bifa sirbaan baasee ibsata. Yoo gammades, rakkates, gaddes, jaalateefi jibbes akkasuma jechuudha (Caalaa, 2019). Kannarraa ka'uudhaan, sirbi dhimmoota hunda akkaataa uumama wanta sanaa irra dhaabbachuun deebii miira calaqqisiisan laataaf.

Akkasumas sirbi sochii qaamaafi yeedaloo adda addaatiin miidhagee akkaataa mira namaa tuquu danda'uun waan dhiyaatuuf, namoonni ilaalcha waan tokkoof qaban, waan jajuu barbaadan, waan qeequu barbaadaniifi waan keessoo isaaniitti dhaga'ame qixa sirriitiin waan isaaniif ibsuuf irra deddeebiin sirbattti dhimma bahu. Kunis faayidaan sirbaa miira calaqqisiisuuf akka ta'e nuhubachiisa(Caalaa, 2019).

Faayidaa sirbaa Merriam (1964) ishee armaan olii keessatti akka ibsituutti, inni lammaffaafi sadaffaan kan walitti hidhamanii jiranidha.Isaanis bashanansiisuufi miidhagina aartii dinqisiifachuun gammachiisuudha. Kunis sirbi sammuu ilma namaa bashanansiisaafi gammachiisaa ergaawan barsiisoo ta'an dabarsa. Wantoonni baay'een kan sammuu namaa kakaasan (dammaqsan) sirba keessatti argamu.

Faayidaa sirbaa keessaa inni biraan meeshaa walqunnamtii ta'uun tajaajila kennuudha(Merriam, 1964). Innis adeemsa walquunnamtii namootaa gidduutti riqicha ta'uudhaan shoora guddaa taphachuu danda'uusaati(Hansen, 2015). Dabalataan, Tagg(2002) sirbi meeshaa walquunnamtii ta'uusaa yeroo ibsu, "Music is that form of interhuman communication in which humanly organised, non-verbal sound is perceived as vehiculating primarily affective (emotional) and/or gestural (corporeal) patterns of cognition," jedha. Akkasumas walquunnamtiin sirbaan uumamu kun qaamoota adda addaa gidduutti hariiroo bareedaa uumuuf kan gargaarudha jedha.

Akka Soofiyaa (2019) ibsitutti, sirbi guutummaa addunyaa irraatti karaa ilaalcha siyaasaa, gurmaa'insa hawaasaa, mirga bu;uura dhala namaafi olaantummaa seeraa ittiin ibsachuuf fayyadudha. Qabsoo bilisummaafi haqaaf taasifamu keeasattis gahee olaanaa bahaa tureera. Akkasumas haqa ummata gidduu jiru qotee ifa baasuuf akk meeshaa olaanaatti gargaara. Haqni kunis waa'ee aadaa, seenaa dhuudhaa, achii asdhuftee ummata tokkoo, eenyummaa, malaammaltummaa, dinagdeefi haala siyaasaa kan ofkeessatti hammachuu danda'udha(Misgaanuu, 2011; Soofiyaa, 2019). Hawasni tokko karaa fedhiifi kaka'umsa isaa haala darbe, haala ammaafi haala yeroo dhufuu walsimsiisuun kan ittiin hubatu, akkasumas akkaataa jiruufu jireenya isaa dhaloota haaraa barsiisuun, dhaloota dhufuufis olkaa'uun dabarsuuf meeshaan isa gargaaru keessaa sirbi isa tokko (Habtaamuu, 2019).

Walumaagalatti jiruufi jireenya ummataa keessatti sirbi faayidaa hammana hin jedhamne kan laatu, isaatti gargaaramuun gaddaafi gammachuusaa, jibbaafi jaalala isaa, dhabuufi argachuusaa, roorroofi birmadummaasaafi waan hunda isaa kan ittiin ibsatudha.

### 2.10.4 Gosoota Sirbaa

Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosoonni kunnenis; sirba siyyaasaa, sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojii, sirba ajjeessaafi fi kkfa'i. Qoqqooddin kunis, waan inni sirbamuuf iirratti bu'uuramuun raawwatame.dhimma jedhamuuf sanaan walqabatee waltajjii addaa irratti sirbamutu dhugoomsa Seefuu (2008). Karaa biraatiin sirbi bakkafi haala keessatti sirbamu irratti hundaa'uun bakka adda addattii qoodama. Kunis sirba yeeroo cidhaa, sirba yeroo dalagaa yookiin yeroo jigiifi gootota adda addaa faarsuuf sirba sirbamaniidha. Yaada kana BATO (1999, f.489) yoo ibsu:

*“Sirbi mararoo sirboota cidhaa mana intalaatti sirbaman keessaa isa tokkodha. Kan sirbamus yeroo jala bultii guyyaa cidhaafi guyyaa cidhaa yeroo hamaamonni gurbaa intala fudhatee bahuuf qophaa’udha. Gaggeessaa intala fudhatee bahuuf kan sirbamu dubartoota ollaafi hiriyyoota intala heerumtuuti.Walaloo sirba mararootiin seenaafi quuqqaa garaa tuttuquudhaan dubartoonniifi shaamarran kaasanii yoo sirban,intallifi haati intalaa imimmaan isaanii dhangalaasaafi facaasaa dhageeffatu qabiyyeen walaloo sirbichaa fira, warraafi intalaa jajjabeessuufi waa’ee jireenya gaa’ela intala heerumtuu gorsuurratti kan xiyyeeffatudha.”*

Yaada kanarra wanti hubatamu, dhimmoota hawaasummaa keessatti hawaasni jiruuf jireenyaa isaa yeroo gaggeessu sirbi gorsuuf jajjabeessuuf, wanta itti dhagahame, siyaasa quuqqaa, wanta itti dhagahame jajuuf, tuffachuuf qeequuf seenaasaa ibsachuuf, aadaasaa calaqqisiisuuf, jaalala biyyaaf, sabaaf, hiriyyaaf, qaban ibsachuuf kan gargaaruu ta’uu nutti agarsiisa.

## 2.11. Sirboota Qabsoo

### 2.11.1. Maalummaa Qabsoo

Qabsoon jechuun sochii ummanni tokko mirga isaa kabachiifachuuf taasisudha. Qabsoon kunis yeroo hawaasa tokko keessatti gochaaleen ummanni tokko hin barbaanne hojjetame kan uumamudha. Keessumaa sirna aangoo irra jiruun gidiraa ummata irratti taasifamu dura dhaabachuuf diddaa gaggeessuu jechuudha. Ummanni miidhaafi gidiraa abbaa irreettiin argan kunis ogummaatti gargaaramee mormii isaa ibsachuu danda’a(Dhlamini, 2017; Muhammad, 2010; Soofiyaa, 2019). Qabsoon jijjiirraa hundee ykn buqqaasaa fiduudhaaf qabsoo godhamuudha. Qabsoon gosoota hedduu qabaachuu danda‟a. Gosoota qabsoo keessaa warraaqsi sirna cunqursaafi saaminsaa dhabamsiisee sirna haaraan bakka buusuuf godhamu isa tokko. Cunqurfamootni cunqursaa isaan irra jiru kaasanii sirna saaminsaafi cunqursaan keessa hin jirre gadi dhaabanii walqixxummaan itti jiraachuuf qabsoo godhu. Ummatni gabroome sirna gabroomsaa of irraa kaasee biyyaafi mirga isaa dhuunfachuuf warraaqsa geggeessa. Kanaaf qabsoon farra cunqursaafi saaminsaati. Akkuma beekamu yeroo garaagaraatti biyyoota baay’ee keessatti ummanni dhibdeesaa karaa inni ittiin baasee ibsatu keessaa inni baay’ee filatamaa ta’e qabsoo garaagaraa gaggeessuuni. Qabsoon kunis sagalee ummataa yookiin hawaasa cunqurfamoo ta’e karaa imaammata mootummaa abbaa irree mormuuf ogummaatti fayyadamanii yaada ofii ibsatu. Sochiin bifa kanaa kunis oguma diddaa

(resistance litrature) jedhama. Sochiin kun bifa mormiitiin ykn diddaatiin kan dhiyaatu ta'ee wanti inni adeemsifamuuf mirga ofii kabachiifachuuf ta'a. Sochiin qabsoo kun caalaatti kan inni ittiin bahee mul'atus sirbaani. Sirbi kunis gaddaafi gammachuu qabu hunda kan isaaf calaqqisiisuu danda'udha(Asafaa, 2009; Muhammad, 2010).

Walumaagalatti qabsoo jechuun sochii jijjiiraa bu'uuraa fiduudhaaf warraaqsa sirna cunqursaafi saamichaa dhabamsiisanii sirna haaraa bakka buusuuf taasifamu jechuudha. Cunqurfamtoonni cunqursaa isaan irra jiru kaasanii sirna saamichaafi cunqursaan keessa hin jirre gadi dhaabanii walqixxummaan jiraachuuf qabsoo godhu. Kanaafuu, qabsoo jechuun sochii ummanni mirga isaa kabachiifachuuf taasisu farra cunquraafi saamichaati jechuudha.

### 2.11.2. MaalummaaFI Yaadrimee Sirboota Qabsoo

Sirna mootummaa abbaa irree jala ummanni jiru tokko karaan ittin qabsoo isaa gaggeessu tooftaalee hedduutu jira. Kunis irra caalaa gosoota ogummaatti fayyadamuuni. Keessumaa qabsoo karaa nagaa (non-violent struggle) keessatti baay'ee hojiirra oola. Gosoota ogummaa keessaa waan nama kofalchiisu dhiyeessuu, tiyaatiraafi muuziqaa akeeka qabsoo calaqqisan dhiyeessuu, waa'ee qabsoo weellisuu, qoosaa, baalttiifi tapha cabsaa(haamilee cabsuu) do'iifi agarsiisa adda addaa taasisuu, akkasumas guyyaa ayyaaneffannaafi kabajannaatti diddaan ummata daddammaqsuu, faaruufi wallee mormii dhageesisuu kanneen jedhaman tooftaalee warraaqsa ittiin gaggeessan keessaa isaan muraasa ta'u(Abdulsamadii fi Kaawwan, 2011). Sirbi, shubbisni, diraamaafi tiyaatirri hubannoo siyaasaa dabaluu keessatti gahee guddaa qabu. Keessummaa sirnoota walqixxummaan keessatti hin mul'anne kanneen ifatti mormuufi yaada qaban bilisaan ibsachuu hin danda'amne keessatti sirbaafi tiyaatiratti gargaaramuudhaan dhugaa jiru ifa baasuuf fayyadamu (Tesfaye, 2012).

Aileeniifi kaawwaan(2018) akka jedhanitti, sirbi qaama qabsoo keessaa isa barbaachisaafi karaa ittiin ummatatti bahanii akka nama kaffaltii tokko malee hojjetuutti ykn ogeessa muuziqaan bifa nama hawwatuun qindeessanii haqa gaaffachuuf sagalee ta'anidha. Sochiin weellisaas kan namoota wajjiin walitti dhufeenya jabaa qabuufi nama gammachiisan, kan unka muuziqaan nama tokkoon ykn qaama gurmaa'een dhiyaatu, jechoota human qabaniifi nama amansiisuu danda'an ta'uu qaba. Sababni isaas sirboonni aadaawwan hunda keessa jiraachuu, abbummaa bu'uura dhala namaa hundaa kan gidduu galeeffateefi barbaachisummaan sochii hurruubummaa isaa kan fudhatama qabu, beekamaafi hiikamuu kan danda'u ta'uu qaba.

Sirboota warraaqsaa kana hayyoonni garaagaraa moggaasa adda addaa itti laachaa turaniiru. Kunis garaagarummaan jidduu isaaniitti akka jiraatu godheera. Isaan keessaa hayyoonni akka Denisoff (1969, 1970, 1972) fi Haynes (2008) jedhaman "muuziqaa qabsoo" (protest music) jedhanii waamu. Namni Weissman (2010) jedhamu "sirboota qabsoo" (protest songs) jedhee waama. Eyermanii fi Jamison (1998) jedhamaniifi Eyerman (2002) jedhamu ammoo "muuziqaa sochii (movement-music)" jechuudhaan waamu. Akkasumas hayyoonni Rosenthal fi Flacks (2012) jedhamaniifi Rosenthal (2003) jedhaman "sirba siyaasaa (political music)" jedhanii waamu (Redman, 2016).

Denisoff (1972) sirba qabsoo kana yeroo ibsu, "a socio-political statement designed to create an awareness of social problems and which offers or infers a solution which is viewed as deviant in nature," jechuun ibsa. Yaadni isaa kun akka agarsiisutti, sirbi warraaqsaa hubannoo siyaasaafi hawaasummaa uumuun ka‟umsa rakkoowwan hawaasaa irratti hubannoo akka qabaatan, ilaalcha uumama safuu hawaasaa irraa maqe ykn aarsaa isaan kaffalchiisu tokkoof furmaata dhugaa wanta ta‟u kan akeeku ta‟uu isaati irraa hubanna.

Sirboota qabsootti fayyadamuun ummanni oromoos cunqursaafi miidhaa isaarra dhaqqabu ittiin ifa baasee ibsachaa tureera. Sirboonni warraaqsaa kunneen humna hawaasaa sochoosuu, dadammaqsuufi tokkummaa isaa akkaataa cimsuun hojjetama. Roorroofi dhiibbaa namarra geessu yeroo baasanii ibsan, xiiqiin nama guutuun booree namatti horu. Kana hubachuudhaan durii qabee shoorri aartistoonni Oromoo taphachaa turan laayyootti kan laallamu hin turre. Haala qabatama yeroo irratti hunda'uudhaan miidhaa Oromoo irratti deemamaa turte akkuma hubataniin sirboota qabsoo sirbuudhaan roorroo jirtu kan hin hubatin hubachiisuufi kan hubate ammoo caalaatti onnachiisuun mirga isaatiif akka falmatu taasisaa turan(Soofiyaa, 2019).

## 2.12. Yaadiddama Qorannoo

### 2.12.1. Qorannoo Qeeqa Hawaasummaa

Qorannoo qeeqa hawaasummaa kana barreessan Harvey (1990) akka ibsutti, qorannoon hawaasummaa qeeqan garmalee garaagara ta'us, mala qeeqaan ijaarsa hedduu irratti kan hundaa'edha. Qoqqoodamni kunis akka garee addaan baafamaniifi salphaatti walcinaa kaa'amuu danda'aniitti ilaalamuu hin qaban. Isaanis qaamota adeemsaa ijaarsa diiguufi deebi'anii ijaaruu keessatti karaa adda addaatiin walitti harkifamanidha. Qaamonni qorannoo qeeqa hawaasummaa kunneen yaadrimee (abstraction), waliigala (totality), qabxii bu'uraa (essence), akkaataa hojii fudhatama qabu (praxis), ilaalcha (ideology), seenaafi caasaa jedhamanii qoodamu. Egaa qorqnnoon

hawaasummaa murteessan haala hawaasummaafi seenaa bal'aa taateewwan walitti hidhaman kan ilaallatudha. Hariiroo hawaasummaa bu'uuraa mul'isuuf bifa caasaafi ilaalcha akkamitti akka isaan irratti dhiibbaa geesisu agrsiisuu ilaallata. Qorannoon hawaasummaa qeeqaan egaa dhimmoota qabatamaa irratti fedhii kan qabu yoo ta'u, sadarkaa hawaasummaatti dhuguma maaltu akka deemaa jiru agarsiisuu barbaada. Wanta ta'aa jiru agarsiisuu qofaa osoo hintaane waan tokko hojjechuuf dhimma qaba. Akkasumas caasaa hawaasummaa cunqursaa irratti qabsoo siyaasaa ifatti taasifamu ofkeessatti qabata. Kanaafuu, qorannoon qeeqa hawaasummaa kun sirboota qabsoo Oromoo kana caasaa hawaasummaa wajjiin walqabsiisuun xiinxaluu irratti hojiirra kan ooludha.

### 2.12.2. Qaacceessa Qeeqa Haasbarruu

Qaacceessi qeeqa haasbarruu walitti dhufeenya afaanii, aangoofi ilaalcha gidduu jiru xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatudha. Kanaafis afaan maal akka ta'e qofa osoo hin taane, maalif akka ta'e, hiika haasbarruu qofa osoo hin taane, haasbarruu keessatti hiikni isaa akkamitti akka ta'e kan ilaaludha. Adeemsa bifni afaanii irrakeessa dhiibbaa ilaalchi barreeffamicha irratti qabu, deebii barreeffamichi ilaalchaaf kennu, akkasumas caasaa hawaasummaa irraa akkamitti akka maddaniifi hariiroon aangoo akkamitti akka isa tajaajilu mul'isa(Fan, 2019). Yeroo jalqabaatiif bara 1979'tti R. Fowler nama jedhamutu qaacceessa qeeqa haasbarruu akka mala qorannoo afaaniitti, Afaaniifi to'annoo keessatti yaada dhiyeesse. Bara 1989'tti maxxansi afaaniif aangoo, akkasumas dubbii, aangoofi ilaalcha bilchina qaacceessa qeeqa hawaasummaa agarsiise (Fairclough, 1989; Wodak, 1989). Akka Luke (1995) jedhutti, qaacceessi qeeqa hawaasummaa akkaataa hoggantoonni biyya bulchan dantaa isaanii ummata hiyyeessaafi dadhabaa irratti fe'uuf yaalan saaxila. Kunis hamma guddaa ta'een kan argamu yoo ta'u, dhugaa kan dantaa hoggantootaa fayyadu kennuudhaani. Sana booda qaacceessi qeeqa hawaasummaa akka meeshaa gochoota akkasii mormuudhaan ummanni bal'aan jireenya isaa akka jijjiiru kakaasuuf itti fayyadama (McGregor, 2003). Humna sirbaa yoo ilaalle qaacceessa qeeqa hawaasummaa jireenya hawaas-siyaasafi hawaas-dinagdee ummataa Oromoo akkamitti akka sirboota kana keessatti calaqqisiifaman ibsuu, hiikuu, xiinxaluufi qeequuf baay'ee barbaachisaadha. Qeeqni kun tooftaalee xiinxala biroo wajjiin walqabatee caalaatti bu'aa qabeessa. Kanaafuu, qaacceessi qeeqa hawaasummaa dhiibbaa lammiileen Oromoo mudatan akka galumsa hafeewwan kanaatti hubachuuf xiinxala hiikaa fayyadudha.

### 2.12.3. Qaacceessa Haasbarruu

Qaacceessa haasbarruu keessatti odeeffannoowwan akkamtaa malleen raga walitti qabatan adda addaa qabiyyee ykn ergaa isaa kallattii hundaan, bitaafi mirgaan, fuulduraafi duubaan hubatee gadi fageenyaan xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Adeeemsa qaacceessa haasbarruu kana keessatti ijoonni gaaleewwan, himoonni, mallattooleen, halluuwwan bifa adda addaa ijoo ta'an kallattii hundaan gadi fageenyaan icciitii fuulduraafi duubaan xiinxaluufi qaacceessuu irratti fuulleffata. Xiyyeeffannoo qaacceessa qeeqa haasbarruu ilaalchisee Johnstone (2008:9) yoo ibsu,

> *...discourse analysis examine written tests or transcripts of spoken or manually signed discourse. They are interested in the structure and function of pieces of talk or text that are larger than a single sentence, and in how the structre of sentences is influenced by how they function in the linguistic and social contexts in which they are deployed.*

Akka hayyuu armaan olii kanarraa hubannutti, qaacceessa haasbarruu jechuun hafee barreeffamaa jiru ykn haasbarruu jiru sanarratti xiyyeeffachuun qormaata gochuudha. Kanaanis hafee adda addaa jiru tokko keessatti hiikaafi tajaajila afaan tokko qabu, dhiibbaa inni waliigaltee afaanii keessatti qabu, akkaataa hawaasichi afaan sana itti fayyadamuun hiika kennuun kan qaacceessudha. Bu'uuruma kanaan qorannoon kunis sirboota qabsoo Oromoo bara 2008A.L.I, 2010A.L.Ifi 2013A.L.I bahan keessaa filataman irratti xiyyeeffachuun xiinxala qabiyyeewwanii, ergaaleefi faayidaa isaanii taasisuuf yaadiddamni xiinxala haasbarruu faayidaa niqaba.

## 2.13. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin kan walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessatti dhiyaatuudha.

- Mitikkuu Abdataa, bara 2010/2018 xiinxala sirboota Oromoo hojii irratti xiyyeeffatan: Godina Wallagga Lixaa Aanaa Jaarsoo, Yuunivarsiitii Addis Ababaa waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf geggeffame. Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa sirboota Oromoo hojii irratti Xiyyeeffatan walitti qabuun xiinxaludha.

Walfakkiin qorannoo kana waliin qabus, sirba Oromoo ta'uu isaa yommuu ta'u qorqnnoon kun sirba jiran keessaa bara qeerroo sirboota qabsoo jijjiiramaan duraa keessaa sirba "**Maalan jiraa**", yeroo jijjiiramaa sirbaman keessaa "**Gadaatu keeti**"fi

jijjiirama booda kan sirbaman keessaa immoo sirba “**Daadoo**” jedhu adda baasee kan inni irratti xeyyeeffatu qabiyyee, ergaafi faayidaa sirba kanneenii irratti ta’uun adda isa taasisa.

- Garaagarummaan isaanii immoo, qorannoon kun kan fuulleffatu sirbaa qabsoo jijjiiramaan duraa sirbaman keessaa **“Maalan jiraa,**”yeroo jijjiiramaa sirbaman keessaa “**Gadaatu keeti”**fi jijjiramaa booda sirbaman keessaa immoo “**Daadoo**” jedhu irratti kan xiyyeeffatu ta’ee qabiyye, ergaafi faayidaa isaa qaaccessuu yoo ta’u, sirbi hojii immoo midhaan dha’iinsaa irraatti kan xiyyeeffatedha.
- Faayoo Qaadiroo, bara 2009/2017, Xiinxala Shoobdoo, af-walaloo tumaa midhaanii: Godina Harargee Lixaa, Aanaa Xuulloo, yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa guuttachuuf gaggeeffame kan shoobdoo, afwalaloo tumaa midhaanii xiinxalu irratti xiyyeeffateedha. Innis, akaakuu sirba hojii keessaa tokko ta’ee, kan tumaa midhaanii mishingaafi boqqoolloo irratti warra dhiiraa qofaan sirbamuudha. Faayidaan isaas, hojiirratti walsi’eessuu, seenaa dabarsuu, qajeelfama adeemsa midhaan itti tumamu waliilaachuufi kkf dha. Qabiyyeen sirba/walaloo/ kanaa maatii warra abbaa daboo faarsuu, quuqama ibsuu, qeequufi kkfdha.Walfakkiin qorannoo kana waliin qabus, faayidaan sirba Shoobdoo, af-walaloo tumaa midhaanii: hojjettootaaf si’aayina kennuun akka hojiicha fiixaan baasan kan gargaaru, ittiin quuqama ibsatanfi waa qeeqaan akka ta’e ibsu.
- Habtaamuu Balluudee bara (2011) mataduree qaaccessa ergaa sirboota siyaasaa Ittiiqaa Tafarii bara 2008-2010 kan jedhurraatti Yuunivarsiitti Finfinneetti digirii 2ffaa guuttachuuf kan hojjeete yoota’u,] Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaanii Sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti muddi,” Jedhan, yommuu ta’an qorataan itti fayyadama afaanii sirboota kunneeniirraatti xiyyeeffatee kan hojjeete yommuu ta’u, tokkummaan qorannoo kunneenii lammeen isaaniiyyuu sirboota siyaasaa yommuu ta’an, qorannoon kun garuu sirboota siyaasaa bara qeerroo jijjiiramaan duraa sirbaman “**Maalan jiraa**”, yeroo jijjiiramaa sirbaman keessaa “**Gadaatu keeti**”fi jijjiirama booda sirbaman keessaa “**Daadoo**” jedhu qabiyyee, ergaafi faayidaa isaa qaacceessuurraatti kan xiyyeeffate waan ta’eef adda addummaa qaba.
- Caalaa Ejjetaa (2011/2019) Qaaccessa Sirba Haacaaluu Hundeessaa ‘Jirra Jirraa’: Xiyyeeffannoon fayyadama Afaaniirratti Yuunivarsiitii Finfinneetti digirii 2ffaa (MA) kan hojjeete yoota’u, qorannoon kun dhimmoota siyaasaan kan walfakkaatan yoo ta’an,

qorataan sirba siyaasaa Haacaaluu Jirra Jirraa qofa gidduu galeeffatee kan hojjete yoo ta’u, kaayyoon isaa fayyadama Afaanii sirbichaa xiinxaluudha. Argannoon isaas, fayyadamni afaanii Sirba ‘Jirra, Jirra’ keessatti mul’atan baay’inaan fayyadama afaanii caasaa keessaa irraddeebiirratti kan xiyyeeffateedha kan jedhuufi galchi fayyadama afaanii Sirba ‘Jirra, Jirra, waan jedhame tokkorraa waan hin jedhamiin yookiin waan itti aggamame xiinxaluudhaani. Galchoon Sirba kanaa Jirra, Jirra jechuun fuulduratti abdiin jiraachuu kan argisiise ta’uu kan ibseedha.

Haata’u malee qorattuun kun immoo sirba qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa sirbame **“Maalan jiraa,”** yeroo jijjiiramaa sirbame **“Gadaatu keeti”**fi jijjiirama booda sirbame **“Daadoo”** jedhu filachuun qabiyyee, ergaafi faayidaa isaaniirraati xiyyeeffachuun qorannoo ishee dalagde jechudha.

# BOQONNAA SADII: ADEEMSAAFI MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana keessatti qabxiileen haammataman: Saxaxa qorannichaa, Madda odeeffannoo qorannichaa, Mala iddattoo qorannichaa, filannoo iddattoo, meeshaa funaansa ragaaleefi mala qaaccessa ragaalee qorannichaatu wal-duraa duubaan dhihaata.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoon kun ittiin dhiyaatu waliigala qorannoo kanaa to’ata. Kanaafuu, qorannoon kun amalaafi saxaxa ittiin dhiyaatu qaba. Haaluma kanaan akaakuu qorannoo keessaas qorannoo ibsaa irratti kan hundaa’e ta’ee sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa sirbaman keessaa “**Maalan jiraa**”, yeroo jijjiiramaa sirbaman keessaa “**Gadaatu keeti**”fi jijjiiramaan boodaa sirbaman keessaa immoo “**Daadoo**” kan jedhu qabiyyee,ergaafi faayidaa isaanii qaaccessuudha. Malli qaaccessa ragaa isaa ammo mala akkamtaati. Akkasumas, akaakuu iddatteessuu miti-carraa keessaa tooftaa iddatteessuu akkayyootti kan dhimma ba’uudha. Kana malees, odeeffannoon meeshaalee funaanansa ragaalee sakattaa’a dookumantii irraatti kan xiyyeeffatudha. Odeeffannoon saxaxa qorannoo kanaan walitti qabaman kun kaayyofi mataduree qorannichaarratti hundaa’ee kan dhiyaatedha.

Kothri (1990) akka eerutti, “A research design is the arrangement of condition for collecting and analysis of data in a manner that aim to combine relevant to research purpose with economy in procedure,” akka yaada nama kanaatti, saxaxni qorannoo kan inni irratti bu’uureffamu haala ittiin odeeffannoon funaanamuufi ittiin qaacceffamu waan barbaachisuuf haala qabeenya qorataa hinmiineen ta’uu qaba.

Addunyaa (2011) Cohenifi kaawwan (2000) eeruun akka ibsutti, “The purpose of the research determine the methology and design of the research,”. Akka yaada namoota kanaatti, kaayyoon qorannoo kanaa amalootaafi saxaxa ittiin dhiyaatu kan xiyyeeffatudha.

“Qualitative research is concerned with qualitative phenomena, i.e phenomena relating to or involving quality or kind,”Kothri (1990). Akka yaada kanaatti, odeeffannoon mala akkamtaatti qaacceeffamu baay’ina ragaa argamu osoo hintaane haala qulqullina ragaa argame irratti hundaa’a.Kanaafuu, odeeffannoon haala kanaan walitti qabames qorattuun irra deebitee dubbisuudhaan adeemsa jecha jechaan yookaan toora tooraan akkaataa walitti dhufeenya yaadaan ibsuun qaaccessiti jechuudha. Walumaa galaatti Qorannoon kun saxaxa ibsaan gaggeeffama.

## 3.2. Mala Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa akkuma duraan ibsame qaaccessa qabiyyee, ergaafi faayidaa sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa sirbame **"Maalan jiraa"**, yeroo jijjiiramaa sirbame **"Gadaatu keeti"**fi jijjiirama booda sirbame immoo**"Daadoo"** jedhu irratti kan xiyyeeffatedha. Kana gochuuf immoo, qorattuun gosa qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadamti. Sababni isaa, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu lakkoofsaan osoo hin taane ibsaan hiika kan argatu waan ta'eefidha. Kanarratti Abiy (2009:36) yoo ibsanu, *"Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis"* jedhu. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argamu gadifageenyaan ragaan deeggeramee kan xiinxalamu wana ta'eefidha. Akka yaada armaan olii kanarraa hubatamutti, malli kun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna akka qabuufi gama amanuufi hubannoo bal'suufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna.

## 3.3. Madda Ragaalee

Maddi ragaaqorannoo kana keessatti dhimma itti bahame madda ragaa lammaffaadha. Kunis waraabbiiwwan sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiiramaan booda filataman keessaa foormaatii viidiyoo fayyadamuudhaan gama sarara marsariitii yuutuubii(youtube) irratti maxxanfamanii gadi lakkifaman sakata'uuni. Sirboota qabsoo kanneenis irra deddeebiidhaan dhaggeeffachuufi kan viidiyoon jiran daawwachuun, walaloo sirboota isaanii gara barreeffamaatti jijjiiruun qabiyyeewwan, ergaaleefi faayidaa isaanii irratti xiinxala taasisuun qorannoo kana raawwachuu danda'eera.

## 3.4. Iddattoofi Tooftaalee Iddatteessuu

Qorataan/ttuun tokko odeeffannoo funaanuuf iddattoo filachuun hin oolu.Iddattoon bakka qorataan odeeffannoo irraa walitti qabatuudha. Dastaan (2013:132) Trochim (2006) wabeeffachuun hiika iddattoo yoo lafa kaa'u, *"Sampling is the process of selecting units (e.g people, organization) from a population of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose."* Karaa biraatiin hiika iddatto ilaalchisee Flick (2002) iddattoon namoota yookaan wantoota qorannoon irratti adeemsifamu keessaa kanneen odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif filatamanidha jechuun ibsee jira. Qorattuunis qaaccessa qabiyyee, ergaafi faayidaa walaloo sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiiramaan booda sirbaman keessaa filataman mala iddattoo miti-carraa(non

probability) keessaa mala iddattoo akkayyootti(purposive sampling) dhimma baatee qorannoo ishee gaggeesitee jirti. Sababni tooftaa kanatti gargaarameef, ragaan qorannichaaf barbaachisu hafee ogumaa sana keessaa kan funaaname yoo taʿʿu, hafeen filatame kun galumsa siyaasaa keessatti qabiyyee, ergaawwanfi faayidaan isaanii dhimmoota hawaasichaa ibsuu irratti waan xiyyeeffataniif ilaalamee filatame.

Mala iddatteessuu kanatti fayyadamuun sirboota qabsoo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiiramaan booda sirbaman keessaa tokko tokko filachuun walitti sirboota sadii irratti qorannoon gaggeeffameera. Isaanis maqaan sirbitootaafi sirboota isaanii: Haacaaluu Hundeessaa(**Maalan Jiraa**), Andu'aalem Gosaa(**Gadaatu Keeti**)fi Dinqiisaa Dabalaa(**Daadoo**) kanneen jedhamanidha. Sababni sirboota kanneenii filadheef sirbitoonni kunneen keessaa sirboota qabsoo jijjiiramaan duraafi jijjiirama booda irra deddeebi'uudhaan sirbuun uummata qabsoof kakaasaa, yeroo jijjiiramaa immoo uummata tasgabbeessaa kan turan waan ta'aniifidha. Akkasumas sirboonni kunneen jaallatamummaafi fudhatamummaa guddaa uummata biratti argatan waan ta'aniif, anis filachuuf akkan irratti xiyyeeffadhu na taasise. Qorannoo kana keessattis waraabbiiwwan sirboota qabsoo kunneen marsariitiiwwan adda addaa irratti gadi lakkifaman walitti qabuun, walaloowwan sirboota kanaa gara barreeffamaatti jijjiiruun qabiyyeewwanii, ergaaleef faayidaa isaanii irratti xiyyeeffachuun qaaccessuu danda'eera.

## 3.5. Mala Ragaaleen Itti Qaacceffamu

Mata duree kana jalaatti xiyyeeffannoo argachuu kan malu mala qaaccessa qorannooti. Malleen kunis mala ammamtaa, akkamtaafi mala makaa (mixed) dha. Qorannoo kana adeemsisuuf malli dhimma itti baahame mala akkamtaati jechuudha. Qorattuun kun qabiyyee, ergaafi faayidaa sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiiramaan booda sirbaman keessaa kanneen qorrannoo kanaaf filataman **"Maalan jiraa, Gadaatu keetii**fi **Daadoo"** kan jedhan duraa duubaan fudhattee maal akka fakkaatan qoqqooduutiin qaaccessi gaggeeffameera. Malli kun qabiyyee sirboota kanneenii gadi fageenyaan hubachuuf fayyada. Haaluma kanaan, Sirboota siyaasaa bara qeerroo qorannoo kanaaf filataman qabiyyee isaan ittiin wal-fakkaatan bakka tokkotti fiduudhaan akkaataa ergaan isaanii wal-fakkeenya qabutti bakka tokkotti yookiin toora tooraan akkasumas, jecha jechaan ilaaluun hiikniitti kennameera.

## 3.6. Naamusa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu adeemsaafi naamusa mataa isaatii qaba. Namni qorannoo gaggeessus of eeggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irraa eegama. Anis ergan sakata'insa sirboota qabsoo gaggeessee booda sirbootan qorannoo koof filadhe kana sirnaan sirboota qabsoo isaan dhaggeeffachuufi daawwachuun, walaloo isaanii gara barreeffamaatti jijjiiruu danda'eera. Walaloo sirboota kanaa irratti xiyyeeffadheen qaaccessa qabiyyeewwanii, ergaaleefi faayidaa taasise. Akkasumas sirboota viidiyoon hojjetamanii jiranis haala qabatamaa sirbichaa irratti hundaa'uudhaan qaaccessa qabiyyeewwa, ergaaleefi faayidaa taasiseera.. Walumaagalatti qaaccessa ragaalee kana yeroon taasisu walaloon sirbaa, maqaan weellisaa mata dureen sirba qaaccessamee bara sirbi kun itti gadlakkifame sirnaan adda baasee wabeeffadheera.

# BOQONNAA AFUR:  DHIYAANNAA, QAACCESSAAFI IBSA RAGAALEE

## 4.1. Haala Waliigala Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen sirboota qabsoo bara qeerroo irraa argaman akkaataa gaaffilee bu'uura qorannichaa irratti hundaa'uudhaan qaaccessamanii dhiyaataniiru. Qaaccessa qorannoo kanaatiif kan dhiyaatanis sirboonni sadan filatamanii akka qaaccessa kanaaf tolutti walaloon isaanii gara hafee barreeffamaatti jijjiirameera. Haaluma kanaan sirba qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa sirba Haacaaluu Hundeessaa (Maalan jiraa), yeroo jijjiiramaa sirba Andu'aalem Gosaa(Gadaatu keeti)fi jijjiirama booda sirba Dinqiisaa Dabalaa(Daadoo) kan jedhu gaaffilee bu'uuraa qorannoo irratti hundaa'uun akkaataa walfakkeenya isaaniin qoqqoodamuun iddoo barbaachisanitti hanga danda'ametti caccabsamanii bifa ifaafi qulqullina qabuun dhiyaatanii ibsaafi hiikni itti kennameera. Kanaanis hiikaafi miirri jechoonni sirboota kanneen ijaaran of keessatti qabatan gadi fageenyaan kan qaaccessaman caasaalee hawaasummaa wajjiin walitti hidhamaniiti. Kanumaan walqabatee qaaccessi ragaalee qorannichaa kun mata duree adda addaa jalatti qoodamuun haala armaan gadii kanaan xiinxalamuun dhiyaateera.

## 4.2 Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Jijjiiramaan Dura Sirbame "Maalan Jiraa"

### 4.2.1 Qabiyyee

Qabiyyee sirbaa yommuu jennu walaloon sirba sanaa qabiyyee inni ofkeessaatti qabatee dhiyaate kan agarsiisudha. Akkuma beekamu walaloon sirbaa tokko yomuu barreeffamu qabiyyee garaa garaa ofkeessatti qabatee barreeffamuu danda'a. Kun immo amaluma walalo sirbaati. Sirboonni qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan dura sirbame sirbi Haacaaluu Hundeessaa "**Maalan Jira**" jedhu kun qabiyyeewwan hedduu ta'an of keessatti hammata. Ragaalee kunis qaaccessa dokumentii irraa argamani. Qabiyyeewwan isaas dhimmoota hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaa irratti kan xiyyeeffatedha. Qaaccessi qabiyyeewwan isaas akkaataa armaan gadii kanaan dhiyaateera.

***A. Buqqaafamuu***

Haacaaluu qabiyyee walaloo sirba "**Maalan Jiraa**" bara 2008 A.L.I gurra uummataa gaheen Finfinnee kan gosa Oromoo Tuulamaa ta'uufi haala ittiin lafa isaanii irraa buqqa'aan yoo ibsu:

Gulalleen kan Tufaa

Gaara Abbichuu turii

Galaan Finfinnee marsee

Silaa akka jaalalaa

Walirraa hin fagannuu

Jaratu nufageesse

Walaloo armaan olii kana keessatti finfinneefi naannoon ishee sirna bulchinsa Oromoo jalatti bulaa akka turteefi lafa gosoonni Oromoo Tuulamaa irra jiraataa turan ta'uusaa ibsa (sarara 1fi2). Haata'u malee erga Finfinneerraa gosni Oromoo dhiibbaadhaan buqqa'ee aadaa, seenaa, safuu, eenyummaa, amantaafi afaan isaaafi sirna bulchinsa gadaa isaa akka hafu ta'ee alagaadhaan dhuunfatamuu ibsa(sarara 3). Sirnoonni darban gosoota Oromoo Finfinneefi naannoo ishee jiraataa turan lafa akaakilee isaanii irraa buqqisuun gara naannoo biraatti akka godaanan taasisuun walirraa adda baasuu isaanii ibsa (sarara 4, 5fi6). Yaada kana kan deeggaru erga Oromoon walakkeessa jaarraa 19ffaa keessa gita bittaa nafxanyaa mootii Minilik II jalatti kufee kaasee gosni Oromoo Tuulamaa Finfinnee jiraataa turan: kan akka Gulallee, Galaanfi Abbichuu lafa  Abbootii isaanii irraa humnaan buqqa'uun miidhaa isaanirra gaheef diddaa isaanii karaa walaloo sirboota isaanii agarsiisaa turuu seenaan ni ibsa(Asafaa, 2018).

***B. Jabina(Cimina)***

Ummanni Oromoo uumama ganamaa irraa kaasee jabaa akka sibiilaa saba roorroof gadi kan hin jennedha. Gitoonni bittaa altakkaa iyyuu Ummata Oromoo lolanii moo'anii hin beekani. Tooftaa isaan ittiin Ummata kana cabsuu danda'an Oromoo dhuma keessaa itti fayyadamaniiti. Oromoon yeroo mammaaku "Jabaa Giddii Jaallatu" jedha. Weellisaa Haacaaluun jabina yookiin cimina oromoon qabu yemmuu ibsu:

Qotiyyoon abbaan didaa Yaadidaa harqoota keessaa

Qorra baraan dadhabee morma kee jalattan dheessa.

Walaloo sirba armaan olii kana irraa ergaan nutti hubachuu dandeenyu "qotiyyoo abbaa didaa yaadidaa harqoota keessaa" yoojedhu kormi loonii nibarooda, harqootaan yoo qabame iyyuu tole jedhee hinqotu jechuusaati. Qabsaa'onnis  oromoo akkasuma jaboo, cimoofi waan itti hin ammane tokko tole hinjedhani. Kanaafuu mootota gita bittaa sodaa malee diddaa yookiin mormii dhageessisaa turaniiru."Qorra baran dadhabee morma keejalatti dheessa" kan jedhu immoo miidhama jalaa gara keettan dheessa yookiin sittan siiqa jechuusaati. Sababni isaa  jabaan itti dheessan ofiisaa dabarsee kenna malee nama isatti dheesse dabarsee kennee akka miidhamu hin godhu yaada jedhu walaloo isaa kanaan ibseera.

***C. Aantummaa Mul'isuu***

Oromoon saba jaalala guddaa waliif qabuufi aantummaa walliitti argisiisuudhaan beekamudha. Kana malees Ormoon sabaafi sab-sablamoota biroo ofitti qabee nyaachisee obaasuudhaan jaalala guddaa kan itti argisiisudha. isaa hin taane Ummanni kun qabeenyi isaas yoota'e eenyummaan isaa yemmuu alagaan sarbamu waloon falmachuudhaan aantummaa isaa nimul'isa.Weellisaa Haacaaluun ummanni oromoo kallattii maraan fageenya irra taa'ee walhordofuufi waliif dirmachuu isaa yommuu ibsu:

> Waddeessi ciraa gubee
>
> Amborraa calaqqisee
>
> Narra fagate jedhee
>
> Siyaaduun kiyya yoom hafee

Walaloon sirba kanaa kaninni mul'isu oromoon hunduu lafa fageenya irraa taa'ee gidduu galeesa biyya kanaatii wanta quuqamuuf tokko akka qabu argisiisa. Innis "Narraa fagaate jedhee, siyaaduun kiyya yoom hafee" yemmuu jedhu Finfinneen ummanni oromoo irraa fagaatus waa'ee ishee yaaduun hin oolu jechuusaati. Innis bahaa hanga dhihaatti, kaabaa hanga kibbaatti giddu galeessi qabsoo oromoo Finfinnee akka ta'e mul'isuusaati. "Gaafa Finfinneen tuqamu Booranni tuqame, Beegiirraan dubbiin dhalate, Cinaaqsan immoo mataatu dhukkube. Kanaaf Finfinneen keenya jedhee morme, lafa isaatiif namni kumaatamni dhume. Tokkummaan Oromoos nimul'ate" (Daani'eel H., 2013).

**4.2.2 Ergaa**

Sirboonni qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa sirbaman keessaa sirbi qabsaa'aa mirga dhala namaa kan ta'e sirbi Haacaaluu Hundeessaan sirbame "**Maalan Jira**"jedhu kun qorannoo kanaaf kan filatamedha. Sirbi kunyeroo roorroon uummata oromootti hammaate uummata kana dadamaqsuun qabsoon fincila diddaa gabrummaa akka finiinu gochuuf ergaawwan gurguddoo dabarsuu keessaatti gahee guddaa taphateera. Ergaawwan sirbi filatame kun qabus haala armaan gadii kanaan qaacceffamanii dhiyaataniiru.

***A. Diigamuu Tokkummaa***

Tokkummaan saba tokkoo diigamuun gama siyaasaan ilaalamuu kan danda'udha. Siyaasni immoo yeroo gara yerootti jijjiiramuu waan danda'uuf hiika waliigalaa kennuun ni ulfaata. Kanaafuu siyaasa irratti qorannoo taasifameen yaadonni garaagaraa dhiyaatan: siyaasni akka aartii

mootummaatti, siyaasni akka geggeessuufi bulchiinsa dhimma ummataatti, siyaasni akka qorannoo waldhabdee hiikuutti, siyaasni akka qorannoo aangoofi kkf jechuun ilaalu (Modebadze, 2010). Sirbi qabsoo Hacaaluu 'Maalaan jiraa' jedhu ergaa inni dabarsuu keessaa tokko diigamuu tokkummaati. Akkuma beekamu uummanni Oromoo baay'ina dhabee yookiin immoo, gootota dhabee osoo hin taane diinni tooftaa garaa garaatti fayyadamuun tokkumaa uummatichaa diigee, uummaticha yaada isaa, ilaalcha isaafi hawwaasummaa isaa addaan qoqqoodee bitaa turuu kan ifaatti baaseedha. Karaa biraatiin immoo, Hacaaluumti mataan isaa otuu lubbuudhaan jiruu kitaaba Eebbisaa baayisaa (2020) "kaayyookoo gatee hingalu" jedhu irraatti akka ibseetti diinonni uummaata Oromoo taankiidhaan, marfiifi walumaagalaatti afaan qawween uumatiicha jilbeeffachiisuu akka hindandeenye waan beekaniif tokkummaa keenya hawwaasumma keenya muraasa qabatanii diiguu isaanii mul'isuuf akka wallee sana uummata isaaf dhiyeesse ibsee jira.

Diiganii gaara sana gara diigmuu hinmallee
Nubasan addaan baanee nu addaan bahuu hinmallee!
Soorettii ya haadha Sooree irbaatni irra buusa qabaa
Seeqanii sesseeqanii kan gargar nubaaseetu jaraa.

Akka qorattuun walaloo sirba armaan olii qaaccessitetti ergaan yookaan dhaamsi weellisaan kun hawaasa isaan bira gahuu barbaade:Uummaanni Oromoo saba guddaa jaalala guddaan sabaafi sablammoota biyyattii keessa jiranillee amantaa, qomoon, afaaniifi aadaan otuu hinqoodiin haammatee akka lammiisaatti waliin kan jiraataa tureedha. Haata'u malee, sirnoonni Nafxanyaafi sirni Wayyaanee saba jaalala dhugaan waliin jiraachaa ture gidduutti garaa garummaan akka uumamu gochuun qoqqoodanii akka ofiisaaniif bulchuuf tolutti yaada uummataa gargar diigaa turaniiru. Naafxanyaa jechuun warren meeshaa waraanaa qabatanii humnaan saboota biroo dirqisiisanii qabachuun olaantummaa ofii saboota kaanirratti fe'anii gabroomfachuudha.

Sirni dargii namoota akka sirnichaatti isa duukaa deemuu danda'ani uummatiicha keessaa filachuun faayidaafi aangoo kennuufiin isaaniitti fayyadameeuummaticha cunqursuurra darbee qabeenyaa hedduu jalaa saamaa tureera.Sirna miniliikis yoo ilaallee maqaa Kiristinnaa kaasuu, soddummaatiiniifi maqaa amantaatiin hawaasa keessaatti garaagarummaan akka jabaatee gadi fagaatu gochuun akka isaaf ta'uutti qoqqoodee bitaa tureera.Kun immoo, shakkii tokko malee tokkummaan Oromoo diigamuuf sababa guddaadha.

Ergaan walaloo sirba ”Nubaasan addaan baanee…” jedhu kun ummanni oromoo warri ganama Finfinneejiraachaa turan qe’ee isaanii irraa buqqaafamanii faffaca’uu isaanii argisiia. Akkasumas diigamuu tokkummaa saba Oromoo kan lallabeedha. Ummanni oromoo akka heddumina isaatiin tokkumaa cimaa otoo qabaatee gaara guddaa diigamuu hindandeenye akka ta’e ibsa. Tokkummaan jabina! Tokkuummaan humna! Tokkummaan daran barbaachisaa akka ta’e kan agarsiisuu yommuu ta’u, diinni tokkuummaa keenya cabuu hinmalle cabsee nu miidhe ergaa jedhu qaba.Ibsituun isaa immoo, akkuma sirbi kun qilleensarra ooleen Oromoon qeerroofi qarree, barataafi barsiisaa, xinnaafi guddaa, beekaafi wallaalaa osoo hinjedhiin biyya keessaafi biyya alaan dhiibbaa olaanaa gochuun Kaabaa hanga Kibbaatti, Bahaa hanga Lixaatti tokko ta’ee qabsoo finiinsuun waggaa tokko gidduutti sirna gabroomfataa sirna Wayyaanee lafaan dhahee yeroo muraasaafuu ta’u boqatee ture. Kun immoo ergaa walaloo armaan oliif raga guddaadha.

***B. Saamicha***

Saamichi kan gareen tokko, namni dhuunfaa, qaamni mootummaafi k.k.f nama dhuunfaarraatti yookan immoo, biyya tokko irraatti raawwatudha. Qaamni saamicha raawwatu kunis, qabeenyaa nama dhunfaa yookan immoo, biyya tokkoo humna isaa yookaan aangoo isaa daheefachuun seeraan ala kan saamudha.

Ergaan sirba siyaasaa Haacaaluu waa’ee saamichaa kan ofkeessaa qabu yommuu ta’u, innis saamicha Minilik nama dhuunfaa tokkorraatti raawwate irraatti kan xiyyeeffate ta’ee ergaa sirnoonni nafxanyaafi wayyaanee qabeenyaa Oromiyaa aangoo isaaniitti fayyadamanii saamaaturanis kan haammatuudha. Qorattuunis ergaa sirbichaa akka armaan gadiitti qaaccessiteetti.

Koottu yaa Galaanee tiyyaa
Faarda Siidaa hatanii siidaa Daaabaleen sooruu

Walaloon kun sirba siyaasaa qeenxee Hacaaluun bara 2008A.L.I ji’a lammaffaa keessa gadhiisee ittiin akka addunyaatti beekamtii guddaa argate keessaa kan fudhatameedha. Sirbi kunis akka biyyaatti siyaasa biyyatti irraatti dhiibbaa guddaa gochuudhaan adeemsa siyaasa biyyattii tarkaanfii tokko kan tarkaanfachiise waan ta’eef Adduunyaan beekamtii olaanaa kenniteefii jirti.

Ergaan walaloo kanaas, akkuma abbaan sirbichaa Artist Haacaaluu Hundeessaa otuu lubbuudhaan jiruu waxabaajjji bara 2012 miidiyaa Oromoo OMN irratti dhiyaatee gaaffiifi deebii taasisee ibseetti, “Faarda Siidaat hatanii siidaa Daaabaleen sooruu” kan jedhu Obbo Siidaa Dabalee kan

jedhamu bara sana keessa nama naannoo Galaan jiraatu yommuu ta'u, farada garmaamu baay'ee beekamaa ta'e kan qabu ture. Guyyaa tokko ayyaanni bobbii Taabotaa waan jiruuf kabaja sanaaf farda isaa manaatti sooru mi'a fardaasaan miidhagfatee farda isaa yaabbatee gara magaala Finfinneetti imale.Kabaja ayyaana saniirrattis fardi isaa yoo garmaamu qalbii namoota boji'a. Yeroo sanatti Mootii biyyattii kan ture Minilik iddoo sana waan tureef qalbiinsaa farda Obbo Siidaa Dabaleen waan booji'ameef aangoo isaa daheefachuun fardi kun siif hinmalu anaaf malee jechuun irraa saame.

Haaluma kanaan guyyaa sana mootichi farda Obbo Siidaa Dabalee humnaan saame yaabbatee garmaamaa suuraa ka'een goota abbaa fardaa jedhamee Finfinnee naannoo Birbisa goorootti siidaan hojjetameefi. Kanarraa kan ka'e, Haacaaluun hawwaasni ergaa seenaa kanaa akka hubatuuf sirba kana akka hojjete af-gaaffii guyyaa sana miidiyaa OMN waliin taasiseerratti dubatee ture.

Egaan kana irraa wanti hubannu sirnoonni darban aangoo isaanii daheeffachuun qabeenya nama dhuunfaafi kan Oromiyaa saamaa turuu sirba kanarraa hubachuun ni danda'ama. Akkuma beekamu Oromiyaan qabeenya uumamaan badhaatuudha.Qabeenyaan Oromiyaan qabdu isheerra darbeeyyuu addunyaa gaha. Haata'u malee, Tasgabbii dhabuu siyaasaa biyyaattii irraa kanka'eefi hacuuccaa mootota sirnoota darbanii irraa kanka'e qabeenyaa ishee baay'ee dhabdeetti. Ammas dhabaa jirti. Ergaan sirba Haacaaluu armaan oliis dhimma kanarraatti kan xiyyeeffate waan ta'eef sirbiichi qilleensarra oolee otuu ji'a lama hinturiin Uummata Oromoo daangaadha hanga daangaatti sochoosee siyaasa biyyattii irraatti dhiibbaa olaanaan hanga har'aattuu hintasgabboonne akka uumamu taasise.

Walumaa galaatti ergaan walaloo sirba armaan olii kun kan inni nama hubachiisu hatamuu farada Obbo Siidaa Dabalee qofa osoo hintaane sirnoota darbaniin saamamuu qabeenya Oromoo irra darbee weeraraafi babal'ifannaan lafaa itti fufee jiraachuu gidduu galeessa godhachuun dhaamsa kan dabarsedha.

### ***C. Miidhama Ibsuu***

Miidhama jechuun rakkoowwan kallattiifi alkallattiin nama dhuunfarraafi hawwaasarraan gahu kan agarsiisudha. Gaheen aartiin sabasaaf qabu keessaa inni tokko miidhama hawwaasaa kallattiinis ta'e, alkallattiin sabasaarra gahaa tureefi gahaa jiru ibsuudha.

Akkuuma beekamu sirnoota nafxanyaatii kaasee hanga sirna amma biyyattii kana bulchaa jiraniitti miidhaan isaan kallattiinis ta’e al-kallattiin uummata Oromoorra hinqaqqabsiisne hin jiru. Miidhaan kunis:- miidhaa qaamaa, miidhaa xiinsammuu, miidhaa diinagdee, miidhaa siyaasaafi miidhaa hawaasummaati. Dhimma kanarrattis qabsaahaan mirga namoomaa Oromoo qaaliin weellisaa Haacaaluu Hundeessaa hanga sabasaatiif wareegamuutti walleesaatin miidhama uummatasaarra gahaa jiruufi gahaa ture addunyaatti beeksisaa turera. Keessumattuu walleesaa bara 2008A.L.I hojjete “maalan jiraa” jedhu keessaatti miidhama hawwaasa isaarra gahaa jiru ifaatti uummataaf dabarseera. Walleesaa kanaanis dinqisiifannaafi fudhatamummaa guddaa argachuura darbee maqaan isaa akka Addunyatti ittiin beekameera.Akka Addunyaattis weellistoota siyaasaa dhiibbaa gurguddaa uuman jedhamuun toora weellistoota gurguddoo Addunyaa taa’uu danda’eera. Qorattuunis wallee kana fudhattee akka armaan gadiitti qaaccessuun dhiyeessitee jirti.

Maalan jiraa, malaan jiraa, maalan jiraa

Caccabseetu na nyatee jiraa.

Maalan hafee, maalan hafee, maalan hafee

Caccabsee nanyaate lafee

Ani hinjiruu, Ani hinjiruu, Ani hinjiruu

Kukuteetu na nyaatee tiruu

Walaloon armaan oliii kun sirba weellisaa Haacaaluu Hundeessaa bara 2008 bahe “Maalaan jiraa” jedhu keesaa kan fudhatame yoota’u, ergaan isaa inni ijoon miidhama sirnoonni nafxanyaafi sirni wayyaanee Uummata Oromoorraan gahaa turan kan ibsuudha. Walliichi irri isaa waa’ee jaalalaa haafakkaatuyyuu malee, ergaan isaa miidhama uummatichaa kallattiin kan ibseedha.

Akkuuma beekamu Umaatni Oromoo sirnoota gita bittaa Habashaan miidhaan irra gahaa ture hedduudha. Akkuma walaloo armaan oliirraa hubannu seenaa aannoleefi calii callanqoo, gochaa sukkanneessaa uummata Oromoo irraatti fudhatame kan akka miila lamaan muruu, qaroo dhabuu, qaamni lamsha,uu, sammuun maraachuufi kanneen kana fakkaatan ibsuu of keessaa qaba. Kanaafuu ergaan sirba kanaa inni guddaan waa’ee jaalalaa osoo hintaane bakka garaa garaatti miidhamuu ilmaan Oromoo kan mul’iseedha.

Maalan jiraa, malaan jiraa, maalan jiraa

Yaa Galaane maalan jiraa

Caccabseetu na nyatee jiraa.

Walaloo jedhu kana fudhannee yoo ilaalle sirnoonni darban tokkummaa uummata Oromoo caccaabsanii uumaticha irra miidha adda addaa fakkeenyaaf ajeechaa, hidhaa sukkanneessaa, qaama hir'isuu, qabeenyaa isaa saamuu, miidhaa xiinsammuufi gudeeddii haadholiifi ijoollee dubaraafi kan kana fakkaatan irraan gahuu isaanii kan ibsuudha.

Yaa Galooto ani hinjiruu

Kukuteetu na nyaateem tiruu.

Walaloo jedhus fudhannee yoo ilaalle, akkuma walalicharraa hubannu tiruu jechuun aantee, fira, dhiiga, lammii jechuudha. Kukkuteetu na nyaatem tiruu yoo jedhi immoo, lammiikoo, aantiikoo addaan qoqqoodee ajjeesaa jiraa, fixaa miidhaa qaamaafi miidhama xiinsammuu irraan gahaa jira ergaa jedhu ofkeessaa qaba.

“Nama garaan dhaane dirmammuu hinarganii” jedhu bo'oo dhumaarratti argamu kana fudhannee yoo ilaalle ergaan walaloo kanaa ergaa jabaa yoo ta'u akkuma armaan oliitti waa'ee tiruu ibsineetti jechama Oromoo keessaatti jechi ‘garaa’ jedhu fira aantee ta'uu argisiisaa. Keessi garaa hinargamu dhokataadha. Nama garaan dhaane dirmammuu hinargaani kan jedhames kanaafi miidhaa dhokataa namni namaaf hinbeekne jechudha. Ergaan isa inni ijoon diinni uummata keenya kan inni miidhaa jiru harki caalaan isaa nuummatuma keenyatti fayyadameetii; kanaafuu miidhamni keenya bakkeetti bahee mul'achuu dhabe jechuudha. Kana jechuun numaatu wal miidhaa jira waan ta'eef rakkoon keenya furmaata dhabe.Kanaafuu ofhaa barru, tokko haataanu, diinaafi fira keenya addaan baasnee haa hubannu ergaa jedhu of keessaa qaba.

### 4.2.3. Faayidaa

Faayidaa sirboota qabsoo yeroo jedhamu sirbi sun hawaasa sirbameef sanaaf bu'aa inni buuse waliin kan wal qabatuudha.Uummanni oromoos sirnoota gabroomfataa darban keessatti jechuunis sirna Naafxanyaa, Dargiifi Waayaanee keessatti baay'ee dararamaa tureera. Kanaafuu sirbi weellisaa Haacaaluu Hundeessaa “**Maalan Jira**” jedhu kunis sirba uummata oromoo bahaa dhiha, kaabaa kibba osoo hin jedhiin guutummaa oromiiyaarraa tokkummaa uumuun akka waliin qabsaa'an taasiiseera. Kana jechuun miidhamni oromoon tokkoo kan oromoo isa biroo ta'uu isaa hubatanii akka tokkummaan waltumsanii mirga isaaniif falmatan kaka'umsa guddaa uumuun

onnachiiseera. Kanumarraa ka'uun ummanni oromoo guddaa hanga xiqqaatti booree horatee qabsoo qarreefi qeerroo oromootti maka'amuun tokkummaadhaan fincila diddaa gabrummaa finiinsee mootummaa abbaa irree kuffiisee jijjiiramni akka dhufu gochuu keessatti gaheen sirba kanaa olaanaadha. Kunimmoo faayidaa yookiin bu'aa sirbi kun uummata oromoof argamsiisedhaa jechuudha.

## 4.3. Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Yeroo Jijjiiramaa Sirbame "Gadaatu keetii"

### 4.3.1 Qabiyyee

Sirbi tokko sirba biroo irraa kan ittiin adda bahu keessaa tokko qabiyyee walaloo sana keessatti argamuuni. Sirbi qabsoo bara qeerroo sirbame sirba Andu'aalem Gosaa "**Gadaatu Keeti**" jedhu bara 2010 A.L.I uummata isaa biraan gahe kun walaloowwan qabiyyee garaagaraa qaban ofkeessatti qabatee jira. Qorattuunis, walaloowwan sirba "Gadaatu keeti" jedhu kana haala armaan gadiitiin qaaccessiteetti.

#### *A. Injifannoo Labsuu*

Hawaasni tokko haala jireenyaa jiraatu keessatti injifannoo qabsoon argatu sirbatti fayyadamee ibsata. Sirba qabsoo Andu'aalem "Gadaatu keeti" kan yeroo jijjiiramaa bara 2010 A.L.I sirbe keessatti haalli siyaasa biyyattii jijjiiramee injifannoon argamuu mul'iseera. Qabiyyeen sirba kannaas haala itti fufee jiru kanaan qaacceeffamuu danda'eera.

Hii….jedhee dhiisuuf mitii

Nan dubbadhaa

Har'a akka kaleessaa miti.

Walaloo sirba armaan olii kana yeroo ilaallu kaninni argisiisu bara bulchinsa mootummaa gabroomfataa wayaanee sana sabni oromoo saba guddaa safuufi aadaa qabu ta'ee osoo jiruu dhugaa isaa ukkaamsuun hacuucaa turaniiru. "Hii… jedhee dhiisuuf mitii" yeroo jedhu miidhama koo hidhii xuuxee, gumgumee keessa kooti liqimsee callisuu hin danda'u jechuusaati. Walaloo "Nandubbadhaa har'a akka kaleessaa miti" jedhu immoo yemmuu ilaallu yeroo ammaa kana nan haasa'aa haalli kaleessaa darbeeraa kan jedhu mul'isa. Kaleessi ummata oromoof haala rakkisaa ture. Mirga isaaniif yoo dubbatan sirnichaan qaamaa miidhamu, ajjeefamu, mana hidhaatti darbatamu, butamuun achi buutee dhabamuufi kan biroon irra waan gahuuf dubbachuu

hindanda’ani. Har’a garuu kun hundumtuu qabsoo ummata oromoon darbee jijjiiramni dhufee waan jiruuf injifannoo argame kana nan labsa yaada jedhu ofkeessaa qaba.

**B. Roorroon Darbuu**

Ummatni Oromoo sirnoota darban keessa miidhaa garaagaraatiin dararamaa turuunsaa nibeekama. Haata’u malee yeroo jijjiramaa keessa roorroon ture sun darbee bilisummaan dhufuusaa weellisaan kun walaloosaatiin akka armaan gadiitti ibseera.

> Obsaan aannan goromsaa unata jedhuu aayyoo tiyyaa
> Roorroo hedduu dandeessee obsaan asgeessee aayyoo tiyya

Walaloo sirba armaan olii “Obsaan aannan goromsaa unata “ jedhuyoo ilaalle goromsi daftee hin dhaltu waan ta’eef aannan ishee dhuguu kan danda’u nama ariifataa osoo hin taane nama obsa qabudha. Kunimmoo qabsoon murannoofi xiiqeffachuu akka gaafatu argisiisa.“Roorroo hedduu dandeessee obsaan asgeesse aayyotiyya” yoo jedhu miidhama, rakkinafi roorroo oromoorra irra gahe haadhaan qabee ibsuusaati. Walumaagalatti qabsoon oromoo obsa fixachiisaa waan tureef itti cichanii qabsaa’uun miidhama, rakkinaafi roorroo hedduu keessa darbamee yeroo jijiiramaa sana akka ga’ame mul’isa.

### 4.3.2 Ergaa

Ergaa sirbaa yemmuu jennu ergaa inni hawaasa sirba sana dhageeffatuuf kallattiinis ta’e alkallattin gama hundumaan dabarsu jechuudha. Kana jechuun siyaasni, diinagdeeniifi hawaasummaan saba tokkoo kan ittiin ibsamuu danda’udha. Sirbi kunis uummanni oromoo sirna abbaa irreen yookiin sirna wayaaneen hacuucamaa turee qabsoodhaan jalaa bahuu agarsiisa.Kanaafuu jijjiirama argame kana Andu’aalem weelluusaa “**Gadaatu Keeti**” jedhuun ergaasaa hawaasaaf dabarseera.

***A. Bilisummaa***

Sabni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa ofharkaa qabaatee aadaafi seenaasaa olkaawwachuu yoodanda’e saba bilisoomedha jechuu dandeenya. Hawaasni wantoota kanneen kana ofharka hinqabu yoota’e garuu gabrumaa jala jiraachuun isaa waan hinhafnedha. Kanaafuu sirni darbe ummata oromoo seenaasaa micciiree, gootota isaa ajjeessaa, siyaasasaa doomsee, diinagdeesaa saamee, hawaasummaan dadhabsiisee saba biroo irratti kakaasuun jibbisiisee, cabsee bitaa ture. Sababa miidhamaafi caba kanaa irraa kan ka’e qabsoo qeerroofi qarree uummata oromoo hunda waliin taasisaniin bara 2009A.L.I gara dhumaa qabsoo

garmalee finiineen jalqaba bara 2010A.L.I sirna nama nyaataa kana kuffiisuun danda’ameera. Bilisummaa qabsoo kanaan bara sana argame Andu’aalem weelluu armaan gadii kanaan dhaamsasaa ummataan gaheera.

Laafe bobbaasan sobaa cabee laafee dhaabbate
Koo yaabarbaadaa dhugaa dhugaan mul’ate
Koo yaabarbaadaa dhugaa dhugaan kan keemul’ate

Walaloo armaan olii keessatti wanti hubatamu danda’u barri cunqursaan sun kan uummata oromoo hacuucaa ture akka ofhintaaneefi mirgasaaf hindubbanne sobaan bitaa turusaa agarsiisa. Sabni kun immoo soba jibbee dhugaa barbaachaaf qabsaa’aafi jooraa ture milkaa’ee sirni badaan sun kufee dhugaan bade mul’achuu isaa ibseeraa. Dhugaan mul’ate kun immoo uummatichi siyaasni isaa akka jijjiiramu godheera.Kanaaf akka baroota darbanii dararamuun, sodaachuun, mirgi sarbamuun arii’atamuun akka hin jirrefi bilisummaan akka argame yookiin akka dhufe sirba kanaan ergaasaa dabarseera.

Barroo baranni keetii gadaatu keeti deessee tiyyaa
Dhuftee guyyaan dhiyaatee dukkanni ta’ee addeessa
Karra guddaarra geenyee galma guddaa sossoneessa
Dukkana keessa deeme dhugaa barbaacha, jooree dhugaa barbaadee
Dhugaan ilmoo rabbiitii dhugaa barbaacha baanee bilisummaa dhabnaaree

Walaloo sirba “…baranni keeti gadaatu keeti” jedhu kun barri bulchinsa gadaa nuuf naanna’e yeroon kan Oromoon bulchudha jechuusaati.Gadaan sirna bulchinsaa kan Oromoo baroota dheeraaf ittiin walbulchaa turedha. Aangoon siyaasaa Oromoo biratti ifaafi bilisaan akka raawwatu argisiisa. Sirni bulchinsa Gadaa Oromoo sirna dimookiraasii ammayyaa addunyaadhaaf bu’uura (Asmerom, 1973 fi 2006; Asafa 2005). Kun immooummanni Oromoo obsa guddaan roorroofi dukkana hedduu keessa darbanii guyyaa jijjiiramaa sana arguu isaanii dhaamuusaati. Akkasumas Oromoon galma bulchinsa biyyattii irra akka gaheefi bulchinsa siyaasa haraka keessa galfatee gara fuula duraatti biyya fuudhee akka deemuuqabu dhaamuusaati. Itti dabaluunis ummannikun mirgaafi dhugaa argachuuf qabsoodhaan gatii qaalii kaffalaa ture,bilisummaasaa argachusaa dhaameera.

***B. Misooma***

Misooma jechuun diinagdee hawaasni tokko qabu jechuudha.Hawaasni diinagdee qabu irree siyaasaa waanqabuuf haala kamiiniyyuu keessatti deebi'ee carraan garbummaa jalatti kufuu isaa baay'ee dhiphaadha. Ummanni oromoos caba kaleessa sana deebi'ee akka hincabne cimee dhaabbachuun fi hojjechuu baay'ee barbaachisaadha.kanas weellisaan kun walaloosaa armaan gadiin ibseera.

Maasaan gamaa bajjiidhaa garbuu malee hinfacaasuu
Hojiin rabbii guddaadhaa wawaamalee nundhamaasuu

Sirba armaan olii keessatti "maasaan gamaa bajjiidhaa garbuu malee hinfacaasu" yeroo jedhu barri gidiraa darbee yeroon ulfinaafi misoomaa saba oromoof akka dhufe himuusaati. Bajjiin lafa hin qotamiin yeroo dheeraaf turedha. Lafa akkasii qotuuf immoo meeshaa qonnaa cimaafi nama humna qabu barbaachisa. Kanaaf kan malu immoo qeerroofi qarree qabsoorra turanii injifannoo fidan humna misoomaa waan ta'aniif gara misoomaatti deebi'uu akka qaban dhaameera. Andu'aalem sirba isaa kana keessatti walaloo armaan olii fayyadamee yemmuu sirbu viidiyoo isaa irraa meeshaalee qonnaa baatee gara lafa qonnaa deemaa yeroon yeroo misoomaafi jijjiiramaa ta'uu isaa agarsiiseera. Kun immoo sabni misoomee dinagdeen ofijaare kan sodaatamuu, kan kabajamuufi kan biyya gaggeessuu danda'u ta'uu dhaamsa dabarseera. Kanaafuu walaloon sirba kanaa deebinee garbummaa jalatti akka hinkufne fuula keenya gara misoomaatti deebisnu of haa cimsinu jechuun walaloo sirba armaan olii kanaan ergaasaa dabarseera.

***C. Aangoo Kennuu***

Ummanni Oromoo jijjiirama qabsoo qeerroofi qarree Oromootiin dhufe aangawoota qaama jijjiiramaatti dabarsanii kennuu isaanii, Andu'aalem walaloo sirba armaan gadiin yoo ibsu:

Ulfinakee barbaadee
Kormi kan kee baroodee
Dafeen dhufaa obseekoo
Ulfinnikee ulfookoo
Hodhu takkahodhu narraa
Akka garaakoo nabaasi dharraa

Walaloo "…kormi kan kee baroodee" yemmuu jedhu aangoo sabni Oromoo qabachuu isaa kan himudha. 'Kormi' dallaa loonii keessatti kan moosifamudha. Loon dallaa sana keessa jiran hundinuu isaan hoogganamu. Kanaafuu aangoon siyaasaa biyya kanaa harka oromoo galuu himuusaati. Ummanni Oromoo injifatee aangoo biyya gaggeessuu qabachuu isaatti akka gammadee jiru dhaameera. Akkasumas "…akka garaakoo nabaasi dharraa" jechuun isaajijjiirama qabsoo qeerroofi qarreen dhufe kana qaama jijjiirama kanaakan ta'an aangawwoonni oromoo saba kana gaggeessuu akka qaban dhaamsa isaa dhaameera. Kanaafuu mootummaan yaada ummataa fudhachuun mariifi marabbaadhaan ummata gaggeessuu akka qabu ergaasaa walaloo sirbaa kanaan qabee dabarseera.

#### 4.3.3. Faayidaa

Sirba qabsoo weellisaa Andu'aalem Gosaa "**Gadaatu Keeti**" jedhu kana yemmuu ilaallu uummanni oromoo kan yeroo dheeraaf dararama guddaa jala ture qabsoo yeroo dheeraan booda aarsaa guddaa kafaluudhaan yeroo jijjiiramaa akka fide beeksiseera. Jijjiiramni dhufe kun bu'aa bahii hedduu booda obsa fixachiisee kan argame ta'uusaafi milkaa'ina kan agarsiisedha. Kunimmoo uummanni oromoo dhamaatii qabsoo waggaa dheeraan booda jijjiirama argame kana simachuu akka qabuufi akka kaleessaatti deebi'ee yaaduu akka hinqabne akkasumas jijjiirama kana ija shakkiin ilaaluurra itti makamuu akka qabu "kootu yaabarbaadaa dhugaa" jechuun lallabee waamicha gochuun isaa bu'aadha. Kanaafuu faayidaan sirba kanaa ummanni oromoo jijjiirama dhufe kana ofirraa dhiibuurra ofitti simatee tiksachuufi kunuunfachuu akka qabu akkasumas eeggannoon akka hordofachuu qabu hubachiiseera. Kana irraa ka'uun ummanni oromoos yeroo muraasaafis ta'u jijjiirama kana ofitti fudhatee tokkummaa isaa cimsatee deemaa akka tureeenyumtuu hubachuu kan danda'udha.

## 4.4. Sirbaa Qabsoo Bara Qeerroo Jijjiirama Booda Sirbame "Daadoo"

### 4.4.1. Qabiyyee

Qabiyyee sirbaa yemmuu jennu sirbi tokko yeroo sirbamu walaloo isaa keessatti qabiyyee jiruufi jireenya hawaasaa waliin walqabatu ofkeessatti hammachuusaa kan agarsiisudha.

#### *A.Hawwii Nageenyaa*

Ummatni oromoo sirna dhufee darbaa ture keessa mana hidhaatti darbatamaa, ajjeefamaa , butamaa achi buuteen dhabamaa, miidhama qaamaa, saamicha qabeenyaafi kan biroon mirgisaa sarbamaa turuunsaa nibeekama. Waggoota muraasa dura jijjiiramni dhufee deebi'ee toora barbaadamu irraa

maquun miidhama kaleessaa deebisee calaqqisiiseera. Kana irraa kan ka'e, weellisaan kun nagaa yeroo jijjiiramaa yeroo muraasaaf mul'ate sana hawwuusaa wallee armaan gadiin mul'iseera**.**

Nanhawwe nanhawwe nahawwisiisaa
Takka kolfanii takka gadduu naduchiisaa
Kolfa walirraa hincinne kolfuun nacallisiisa
Kolfa walirraa hincinne kolfuun cabakoo naadeebisaa

Sirbi armaan oliikun kan sirbame biyya keenya keessatti qabsoo uummanni oromoo gaggeesseen jijjiiramni siyaasaa erga dhufee bara 2013 A.L.I kan sirbamedha. Walaloon sirba kanaa "Nanhawwee…" yemmuu jedhu waan gaarii ta'e tokko fedhuu argisiisa.Ummanni kun hawwii nagaa, gammachuufi tasgabbiin jiraachuu akka barbaadu "kolfa walirra hincinne kolfuu nacallisiisaa,…cabakoo naadeebisa" jechuun miira hawaasa keessa jiru ibseera. Sirni bulchinsaa caba saba kanaa waldhaanu akka barbaachisu mul'isa. Kana jechuun hawaasni kun har'as miidhama keessa waan jiruuf nagaa waaraa argachuu akka qabu akeekuusaati.

Sobee kiyyammoo cinaachi mirgaa wayyaa'e xinnoo
Sobee kiyyammoo cinaaachi bitaa nadhukkubammoo

Sirbi kun "sobee kiyyammoo cinaachi mirgaa wayyaa'e xinnoo,…cinachi bitaa nadhukkubamoo" yoo jedhu sabni oromoo kallattii hundaan jiran keessaa gariin nagaa yoo argatan, gariin immoo gidirfamaa akka jiran walaloon kun namatti argisiisa. Kana jechuun cinaachi bitaafi mirgaa qaama tokko malee adda adda miti, sabni oromoos akkuma kana qaama tokkodha malee saba garaagaraa waan hintaaneef adda adda baasuun hin danda'amu. Haalli bulchinsa yeroo ammaa kun waan fooyyee qabu fakkaata malee har'as akkuma sirna baroota darbanii miidhamni akka jiru himuusaati. Kanaafuu jijjiiramni dhufe jedhame kun saba harkaa bahe har'as gatii baasisaa akka jiru, walqixxummaan akka hin jire weellisaan kun sirba isaa kanaan mul'iseera. Walumaagalatti, sirna ammaa kun akka waan jijjiiramni jiruu fakkeessuudhaan madaa Ummataa isa kaleessaa hin qooriin jiru, har'as irra deebi'ee miidhama geessisaa jiraachuu isaa ibsee jira.

***B.Qoqqoodinsa Hawaasaa***

Sirni bulchinsa siyaasaa biyya tokkoo umurii dheereffachuu yoo barbaade hawaasa gargar qoqqooda. Haalli akkasii kun immoo biyya kana keessaatti waanuma baramedha. Kanaafuu sirna siyaasaa biyya kanaa kan ummata garaagara hiree bulchaa jiru Dinqiisaan haala armaan gadiin kaa'eera.

Tuulama irra roobee maamacca irra tiifa

Rabbi walqixxeedhaa yoom adda nubaasaa

Maamacca irra roobee Tuulama irra tiifaa

Rabbi walqixxeesse maanamni adda baasaa.

Walaloo sirba armaan oliirraa kallattiidhaan wanti hubachuu dandeenyu bulchinsi amma jiru kun saba oromoo addaan qoqqoodaa akka jiru agarsiisa.Sabni oromoo tokkummaa uumee qabsoo finiinsee jijjiirama dhufeen baay'ee gammadee bilisummaa labsachaa ture. Haata'umalee jijjiiramni argame kun akkaataa uummatichi barbaaduun  tokkummaa saba kanaa eegee gaggeessuu hin dandeenye. Wanti kanaaf sababa ta'uu danda'u immoo akka biyyaatti oromoon bulchinsa siyaasaa ofharka galfateera erga jedhamee booda qoqqoodinsi saba kana gidduutti waan uumameefi. Innis uummani kun achii as dhufaatii isaarraa ka'ee duudhaafi aadaa ofiisaan jiraachaa kan tureef dhiibaan garaagaraa yoo irra jiraateyyuu bifa mul'ataanis ta'e dhokataan tokkummaa isaa eegachaa tureera.Yaada kana kan deegaru,qeerroo adda diiguun fedhii jiddu galeessaa tokko akka hin qabaanneefitarsiimoo walfakkaataan akka hin hogganamne hojjechaa jiru. Oromoo kutaafi lagaan adda qoqqooduu barbaadu (Milkeessaa, 2020; Solomon, 2019). Jijjiiramni kun erga dhufee booda garuu haalli bulchinsaa saba oromoo godinaafi kallattiidhaan adda adda hiree, isa tokko ofitti qabee isa kaan immoo ofirraa dhiibaa waan jiruuf walqixxummaan akka hinjirre Dinqiisaan sirbasaan mul'iseera. Keesumaa gosa oromoo  Maccaafi Tuulama akka waldhabsiisaa jiru sirriitti ibseera. Kun ammoo ummanni akka sirna kanarraa abdii dhabu taasisaa jiraachuu isaa walaloosaan ibseera.

#### 4.4.2. Ergaa

Sirbi tokko yemmuu sirbamu hawaasa dhageeffatu biratti gama hundaanuu ergaa garaagaraa dabrsuu danda'a. Weellisaan kunis jijjiirama siyaasaa biyya kanaa booda jijjiirama dhufe daandii hawaasni barbaadu irraa maqeen  walqabsiisee kallattii adda addaan ergaa hawaasa kanaaf dabarseera.

***A. Gamtoomuu***

Ummanni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti gamtaadhaan hojjeta, diinas ofirraa deebisa. Namni yoo gamtoomu immoo gaara inni dhiibee hin jigsine hin jiru. Sirboonni qabsoos tokkummaa uummataa cimsuufi itichuu keessatti gahee guddaa qabu. weellisaan kunis gamtoomuu ilaalchisee, uummata Oromoof ergaa isaa walaloo armaan gadiin dabarseera.

Waltu kan walii warri walii tolaa walii dhaama

Jigiin baanee jigiidhaan galla lakki hin diigiin ijaarsa dalla

Daboon bahaanii daboodhaan galuu dhiisi daadoo maqaan nuhintolu

Jigiin baanee jigiidhaan galla adda hinbaanuu gamtaadhaan tolla

Daboon bahanii daboodhaan galuu dhiisii daadoo maqaan nuhin toluu

Addaan hin tolluu maqaan n]uhin toluu…..

Walaloo sirba armaan olii kana ergaa isaa yemmuu ilaallu oromoon aaddaafi duudhaa isaatiin walta'ee gama siyaasaan, diinagdeeniifi hawaasummaan jiruufi jireenya isaa gaggeeffachuu akka qabu hubachuun nidanda'ama. Oromoon waloon yoota'e malee qaamni biraan tokko illee saba kanaaf akka yaaduu hindandeenye kan agarsiisu ta'uusaati. Kana malees sabni oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti waldhabdeen yoo uumame illee mariin hiika malee walirratti ka'uun wallolaa hinturre.Walaloo armaan olii keessatti yeroo ammaa kana garuu bifa daboon yookiin jigiin walta'uurra haala bulchinsa sirna kanaa irratti hundaa'uun walqoqqoodee daadoo waliigaluudhaan waliirratti duuluun walmiidhaa jira. Daboo yookiin jigii jechuun uummanni hedduun waliin ta'anii gatii yookiin dugda baasii malee bahanii hojii akka qonnaa,midhaan haamaa, mana ijaarsafi kkf kan waliif hojjetanidha. Kunimmoo tokkummaafi walgargaarsa oromoon jiruufi jireenya isaa keessatti qabu agarsiisa. Daadoon garuu namoonni baay'atanii dugda walfudhachuun dabaree dabareen hojii humnaa hojjetamu kan waliin hojjetanidha. Kanaafuu sirna kana keessatti bifa daadoon ormoon inni tokko oromoo isa biroo irratti miidhuuf duulaa akka jiru weellisaan kun ergaasaa dabarseera. Weellisaan kun sirba isaa kanaan ummanni oromoo gama maraan yoowalta'e qofa akka mo'ataa ta'u sanaan achi adda adda bahuufi walqoqqooduun diinaaf saaxilamuu waan ta'eef kallattii maraan tokkummaa isaa eegachuu akka qabu ergaasaa dabarseera.

***B. Miidhamafi Ajjeechaa***

Hawaasni biyya tokkoo keessa jiraatu jiruufi jireenya isaa gaggeeffachuuf wantoota nageenya namaa sarbuun hubaatii fidan irraa walaba ta'uu qabu. Nageenyi hawaasaa kunis kan eegamuu danda'u qaama siyaasaa sirna bulchinsa biyya sanaa qabatee jiruun akka ta'e beekamaadha. Sirni bulchinsaa kun nageenya eegee faayidaa hawaasaa hinkabachiisu yoota'e miidhaa jiraa jechuu nidandeenya.Kanaaf weellisaan kun miidhama ilaalchisuun walaloo armaan gadiin ibseera.

Habeebeekoo hinjettuu kuttaayee Amboorraa

Qaroo kiyya dhabee alaa manni qorra.

Ergaa walaloo armaan oliirraa akkuma hubatamutti ummanni oromoo har'as kan durii caalaa miidhama irra darbee ajjeefamaa akka jiru nihubatama. "Qaroo kiyya dhabee alaa manni qorra" yemmuu jedhu qabsaa'aa mirga namaa kan ta'e qaroon oromoo weellisaa Haacaaluu Hundeessa kan inni wareegame sirnuma kana keessa waan ta'eef oromoo warra Kuttaayeefi warraAmboon qabee oromiyaa mararraa ka'aa gumaa qabsaa'aa kanaa barbaadaa ergaa jedhu sabasaaf dabarseera.

***C. Akeekkachiisa***

Ummanni qabsoo yeroo dheeraa booda bara 2010 A.L.I mootummaan cunqursaa wayyaanee buqqisuun jijjiirama arguuf dheebochaa ture arguu danda'eera. Garuu, jijjiiramni abdatame sun akka yaadame hin taane. Kanaafuu, weellisaan kun jijjiiramni argame guffachuu isaa kan akeekuufi qaamni jijjiiramni kun itti kenname irra deebi'ee ofilaaluu akka qabu yoo dhaamu:

Soloolooko soloolooko soloolo Finfinnee horoomi sitti hime
Soloolooko soloolooko sololli battalaa bakkalcha galgalaa sineega galgalaa

Walaloo sirba armaan olii keessaa"…soloolo Finfinnee horoomi sitti hime" kan jedhu yemmuu ilaallu sirna yeroo ammaa biyya gaggeessaa jiru yaada ummata ala waan ba'eef akka isaan ofilaalan argisiisa. Jijjiirama qabsoo qeerroofi qarree oromootiin dhufe kana karaa irraa maqsuun akkuma sirna darbee ummata kana miidhaa jiraniin horoomi yookiin nama ta'ii gara hawaasa tajaajiluutti deebi'i ergaa jedhu dabarseera. "…bakkalcha galgalaa sineega galgalaa" yemmuu jedhu immoo ummanni dararama hamaa keessa waan jiruuf qabsaa'ota oromoo bosona jiran waamuusaa agarsiisa .Solooloo yoo jedhu hiikni galumsa siyaasaa isaa bosona qabsaa'on oromoo keessa jiraatanidha. Walumaaagalatti sirna Kanaan akkaataa bulchinsa keessanii akka sirreessitaniif obsaan sineegaa jira waan ta'eef gara yaadaafi fedha uummataatti deebi'aa; ta'uu baannaan akka tasaa yookiin battala uummanni sintufuu danda'a ergaa jedhu weelisaan kun sirbasaa kanaan dabarseera.

### 4.4.3. Faayidaa

Faayidaa sirbaa yemmuu jennu sirbi sirbame tokko faayidaa inni hawaasaaf buuse kan ilaalamu jijjiirama inni jiruufi jireenya isaa irratti argamsiisudha. Kunis uummataaf faayidaa kallattiis ta'e alkallattii qabaachuu danda'a jechuudha.Haata'u malee sirbi Dinqiisaa **Daadoo** jedhu kun uummanni oromoo jijjiirama dhufeen erga gammadee boodee deebi'ee gadduuisaa kan mulisudha. Kunis uummanni sirnoota darban keessa miidhamaan dararamaa ture kun erga jijjiiramni dhufe boodas deebi'ee akkuma sirnoota darbanii caalaatti miidhaa qaamaa, ajjeechaan, xiinsammuun, qe'eerraa buqqaafamuun, manni isaa gubachuun, qabeenyi isaa saamamuuniifi mana hidhaatti

darbatamuun itti fufeera. Kanarraa ka'uun miidhama uummata kana irratti waljijjiijire kana weellisaan kun sirba inni hawaasa isaaf gumaache kanaan uummanni oromoo akka qabsootti seenu taasiseera.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kana keessaatti kan dhiyaatu cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaati. Cuunfaaan qorannoo kanaa gababinaan bakka itti cuunfamanii dhiyaatanidha.Argannoon immoo hojii qorannoo kana keessatti qorattuun ragaawwan funaanuun erga qaaccessitee booda argannoon qorannicha irraa argame kaa'uun yaboon qorannichaa ibsameera.Kanaafuu boqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon walduraaduubaan kaa'amaniiru.

### 5.1. Cuunfaa

Ogummaan jiruufi jireenya dhala namaa agarsiisuuf akka meeshaatti kan fayyadudha. Innis wanta darbe tokko yaadachiisuun kan amma jiru wajjin walitti fiduun agarsiisuufi kan egere ta'uu danda'u immoo tilmaamuun kan ibsudha. Akkaataa dhimmoonni garaagaraa ogummaa keessatti ittin dhiyaatan bu'uura godhachuun ogummaan gosoota adda addaatu jiru.Isaan keessaa tokko sirbadha. Sirbis walaloo irraa kalaqamuun akkataa qindoomina qabuun barreeffamee jechoota filatamoofi gaaleewwan gaggabaaboon, yeedaloofi meeshaa muuziqaan qindaa'ee kan dhiyaatu, ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isudha. Gosoota sirbootaa keessaa sirbi qabsoo tokko ta'ee sochiiwwan siyaasaa keessaatti meeshaa waraaqsi gargaaramu ta'ee tajaajila.Kanaafuu sirboonni siyaasaa hawaasa sosochoosuu, onnachiisuufi tokkummaa cimsuu irratti humna guddaa qabu. Keessumaa sirnoota gabroomfataa roorroofi cunqursaa uummata oromoo irra gahaa turan mormuufi ifa baasuu keessatti gahee guddaa kan bahachaa tureefi ammas bahachaa jiru sirboota qabsooti. Haaluma kanaan qorattuun qorannoo kana keessatti sirboota qabsoo bara qeerroo jala jijjiiramaa, yeroo jijjiiramaafi booda jijjiiramaa sirbaman keessaa kanneen filataman qabiyyeewwan, ergaaleefi faayidaa isaan hawaasaaf qaban irratti xiyyeeffachuun xiinxaltee jirti.

Boqonnaa tokkoffaa jalatti kaayyoon qorannoo kan ibsame walaloo sirboota qabsoo bara qeerroo jala jijjiiramaa, yeroo jijjiiramaafi booda jijjiiramaa sirbaman keessaa kan filataman irratti qabiyyeewwan, ergaaleefi faayidaa isaan hawaasaaf qaban kan jedhu ibsamee jira. Ka'umsi qorannichaas asuma jalatti kan ibsame yemmuu ta'u walaloon sirbaa kun yeroo muraasa giddutti sirbamanii dagatamuurra qabiyyeen isaanii ergaafi faayidaa isaan hawaasaaf qaban maal kan jedhu

irratti kan xiyyeeffatedha. Walumaagalatti boqonnaa kanaan qorattuun maalif qorannoo ishee gaggeessitti kan jedhuuf bu’aa yoo qorannoon kun adeemsifamee xumuramu hawaasaaf buusu kutaa kanaan dhiyaatanii jiru. Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo waa’een ogbarruu erga ibsamanii booda caacuulee ogbarruu jalaa walaloo irratti xiyyeeffachuun walaloon wanta keessa namaatti dhaga’amu karaa ittiin ibsan ta’uu ibsuun, gosoota walaloo keessaa walaloo sirbaa irratti ibsi kennameera. Boqonnaa sadaffaa jalatti kan dhiyaate mala iddattoofi iddatteessuuti. Qorannoo kanaafis mala iddatteessuu kaayyeffataa gargaaramuun sirboota qabsoo bara qeerroo gulantaa sadiitti qooduun: isaanis jijjiiramaan duraa sirba Haacaaluu Hundeessaa “**Maalan Jira**”, yeroo jijjiiramaa sirba Andu’aalem Gosaa “**Gadaatu Keeti**” akkasumas jijjiiramaan booda sirba Dinqiisaa Dabalaa “**Daadoo**”jedhu filachuun dhimma itti baheera. Malli qorannoon kun ittiin gaggeeffame mala akkamtaa yemmuu ta’u walaloo sirboota filataman qabiyyeen isaa maalof keessaatti akka hamate, ergaa akkamii dabarse kan jedhufi bu’aa sirbi kun hawaasaaf buuse mala ibsaan(discriptive) ibsamee jira. Boqonnaa arfaffaa kana keessatti qaacceessa ragaaleetu dhiyaatee jira. Qorannoon kun odeeffannoo madda raga lammaffaa kan ta’e barruu walaloo sirbaa kana kallattiidhaan dhaggeeffachuun ergan barreessee booda gadi fageenyaan sakkata’ee qaaccessuun ibseen jira. Walaloon sirboota filatamanii qorannoon irratti adeemsifamee kunis qabiyyee, ergaafi faayidaa isaan hawaasaaf gama siyaasaan, diinagdeefi hawaasummaan dabarsan qaacceffameera.

## 5.2. Argannoowwwan

Argannoo qorannoo kanaatiin bu'aan argaman gulantaa sadiin qoqqoodamuun haala armaan gadiin dhiyaataniiru.

**1. Sirba qabsoo jijjiiramaan dura sirbame kun:**

- Qabiyyeen isaa gama siyaasaan, araddaa isaanii irraa buqqaafamuu, miidhaa qaamaafi ajjeechaa, gama dinagdeen lafti Oromoo saamamuufi cimina oromoon gama hundaan qabuufi aantummaa isaan waliif qaban jiraachuu qorannoo kanaan bira ga'ameera.
- Ergaan sirba qabsoo kun ummanni oromoo gama siyaasaan miidhamaa qaamaafi ajjeechaa baroota dheeraa irraan kan ka'e sadarkaa lubbuun jiraachuu dhabuu, gama hawaasummaan tokkummaan isaa diigamee ture ijaaratee qabsootti seenuu akka qabu, gama diinagdeen saamicha qabeenya Oromoofi Oromiyaa irratti gaggeeffamaa turuu qorannoon kun adda baaseera.
- Akkasumas sirbi kun qeerroofi qarree oromoo gamtaan ka'uun mirgasaa falmachuutti seenuu isaa bu'aa sirba kanaa akka ta'e qorannoo kanaan beekameera.

**2. Sirbi qabsoo yeroo jijjiiramaa sirbame:**

- Qabiyyee sirbi kun ofkeessatti hammatee jiru barri roorroo darbuu, barri bilisummaafi misoomaa dhufuu, yeroon kan bulchinsa abbaa Gadaa ta'uusaa qorannoon kun adda baaseera.
- Ergaan sirba kanaa immoo qabsoo irraa gara bilisummaatti cee'ameera waan ta'eef hawaasni jijjiirama dhufe simachuun misoomatti deebi'uu diinagdeen ofijaaruun akka isaan barbaachisu qorannoo kanaan bira gahameera.
- Itti dabaluunis sirbi kun hawaasa qabsoo irra ture tasgabbeessuu keessatti gahee olaanaa taphachuu isaa qorannoo kanaan hubatameera.

**3. Sirba qabsoo jijjiiramaan booda sirbame ilaalchisee:**

- Qabiyyee sirbi qabsoo kun ofkeessatti hammatee jiru kunis: qabsoo qeerroofi qarreen oromoo taasisaniin jijjiiramni argame waan toorarraa maqeef nagaa hawwuu, qoqqoodinsa

hawaasaa, tokkummaan dhibuu, miidhamaafi ajjeechaa sirnawaa jiraachuun qorannoo kanaan bira ga'ameera.

- Ergaa sirbi qabsoo kun dabarsu jijjiiramni qabsoo obsa fixachiisaadhaan dhufe kun ammas deebi'ee hawaasa kana harkaa bahuurraan kan ka'e uummanni kun akkuma kaleessaa gabrummaa jalatti kufeewaan jiruu sirni kun akka ofilaalu akeekkachiisamuun isaa qorannoo kanaan adda baafameera. Akkasumas ummanni kun har'as tokkummaa isaa jabeeffatee gara qabsootti deebi'uun falmachuu akka qabu kakaasuu isaa qorannoo kanaan adda baheera.
- Dabalataanis bu'aa sirbi qabsoo kun argamsiiseen sirni kun hawaasa gargar qoqqoodee waldhabsiisaa, tokko fayyadee kaan immoo miidhaafi ajjeessaa akka jiru hubatee gamaa gamanaa walwaamee sadarkaa afaan qawween falmachuutti seenuusaa qorannoon kun adda baaseera.

## 5.3. Yaboo

Qorannoon sirboota qabsoo bara qeerroo jijjiiramaan duraa, yeroo jijjiiramaafi jijjiiramaa booda sirbaman keessaa kanneen filataman irratti xiyyeeffachuun qaaccessa qabiyyeewwanii, ergaaleefi faayidaa isaaniin taasifameen argannoon isaa adda baafameera. Kana irraa ka'uun qabiyyee, ergaaleefi faayidaa sirboonni kunniin qaban qabsoo diddaa uummanni oromoo gaggeessaa tureefi amma itti jiru keessatti gahee guddaa waan qabuuf xiinxalli irratti gaggeeffamuun barbaachisaadha. Argannoo qorannoo kanaa irratti hundaa'uun akka yabootti yaadota armaan gadii kana lafa kaa'uu danda'eera.

- Sirboonni qabsoo aartistoota oromoon haala qabatamaa yeroo irratti hundaa'uun sirban qabiyyeewwan, ergaaleefi faayidaawwan adda addaa kan ofkeessatti qabatanii jiran waan ta'eef, sirboota kanarratti gama siyaasaan, hawaasummaaniifi dinagdeen qaaccessa ogummaan deeggarame gaggeessuun dhaloonni akka hubannoo argataniif irratti osoo hojjetame gaariidha.
- Qaaccessa sirboota qabsoo bara qeerroo kanarratti gaggeeffameen ergaawwan isaan dabarsan kanneen oromummaa dagaagsan, tokkummaa oromoo jabeessan, gootummaa ibsan, dhaloota keessatti abdii uumaniifi booree uummata kakaasuu danda'an ofkeessaa waan qabaniif egeree uummata tokkoof daran barbaachisu. Akkasumas wantoota egeree ummata tokkoo miidhuufi gaaga'u danda'an balaaleffachuun, diddaa siyaasaa ummanni oromoo yeroo kanatti qabu ibsuu waan danda'uuf, aartistoonni oromoo haala uummanni isaanii keessa jiru wallee isaanii kanaan osoo ifa baasaa deemani gaariidha.
- Qaamni siyaasaa aangoo qabatee jiru biyya balaarraa ittisaa, dantaafi mirga hawaasaa haala madaalawaa ta'een osoo deebisaa deeme gaariidha.

## Wabiilee


Abiy Zegeye et al. (2009). Introduction to Research Methods: Preparatory Module for Addis Ababa University Graduate Programes, Graduate Studies and Research office AAU.

Abdulsamad Muhammad, Boruu Barraaqaafi Jawaar Siraaj Muhammad. 2011 Sirna Abbaa-Irreetiirraa Gara Dimookiraasii. Minnesota: (Mana Maxxansaa hin Qabu)

Addunyaa Barkeessaa. (2010). Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo. Finfinnee: Mega Printing Press.

___. (2011). Akkamtaa: Yadrimee Qorannoo Hujoo: Finfinnee, Oromiyaa

____. (2014).Seemmoo:Bu'uura Barnoota Afaanii fi AfoolaOromoo.Finfinnee, Oromiyaa.

Alamaayyoo Haayilee (1999). Sirna Gadaa: Siyaasa Oromoo Tuulamaa. Jildii1ffaa Finfinnee: Maxxansaa Biraaninnaa Salaam

Alamayyoo Hayilee, Boshii Gonfaa, Daani'el Dheeressa, Sanbatoo Bushaafi Umar Nuuree. (1998). Seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa, Oromiyaa, Finfinnee

Asafaa Tafarraa. (2009).Eela:Seenaa.Oguma.Oromoo.Far-Est TradingPLC.

Asaffaa Tuuchoo. (2008). Gumaata. Aadaa OromooKan Naannoo LixaOromiyaa: Far East
Trading PlC.

Afoola Oromoo Tuulamaa Jiildii-II (1999). Walaloo Geerarsaa, Faaruuleefi sirboota adda addaa. Finfinnee: printed by commercial printing Enterprise.

Ayub Imael. (2008)."Language Useof the Jamaican and Rasteferian Community in Shashamane.A.Social Linguisstic study thesis".Addis.Abeba.

BBO (1993). Afoola Oromoo Sirba Warroommii …Geerarsa Jildii I. Finfinnee

Berg, B. .(2001). Qulalitative Research Methods Staff for the Social Sciences. California State

Berhanu Metthews. (2013). Fundamentals of Literatures. Addis Ababa: Printed by Alpha Printers PLC

Caalaa Ejjetaa. 2019. Qaacceessa Sirba Haacaaluu Hundeessaa Jirra Jirraa: Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaanii Irratti. Waraqaa Qorannoo Digirii 2ffaa (MA), Yunivarsiitii Finfinnee, Finfinnee

Creswell, J. W. (2009). Design: Qualitative, Quantitative and Mixed Methods Research Approachs 3nd.Sage Publcation Icn.

Dansi, M.(Ed).(2004). Messages, Signs, And Meanings:A Basic Text Book In Semiotics And Communication (3rd Ed) .Toronto: Canadian Scholars"press Inc.

Dirribaa Tarrafaa (1999). Wiirtuu. Barruu Waaltina Afaan Oromoo(Jildii 8ffaa). Qajeelcha qormaata Afaan OromootiinBiiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee: APE.

Dastaa Dassalany. (2011).Bu'uura Qorannoo.Finfinnee: Far East Trading PLC.

Deneisoff, R. Serge. 1970. Protest Songs: Those on the Top FOURTY and Those of the Streets. American Quartly, 22(4): 807-823.doi.10.2307|2711871.

Dirribii Damusee (2009). Ilaalcha Oromoo. Finfinnee: D.G. Printing and publishing Enterprise.

Dorson, R (1972).Folklore and Foklife: an Introduction. Chicago:the University of Chicago and London.

Dowson, C. (2006). Practical research method. Oxford: Cromwell press.

Dundes, A.(1965). The study of Folklore. Berkeley: Prentice-Hall.
Encyclopidia of America, 1985 volume 11 university of chicango press.
Eyerman, Ron & Jamison, Andrew. 1998. Music & Social Movement: Mobilizing Traditions in the 20th Century. Combridge: Combridge University press.
Fairclough,Norman.1989. Language and Power: Newyork: Long Man.
Gemmechu Bekele (2003). A study of major themes in some selleted songs of Ilfinesh Keno.Unpublished MA theses, Addis Abeba University.
Getaachoo Rabbirraa.(2011). Furtuu seerluga Afaan Oromoo kutaa 9fi 10 gulaallii 3ffaa. Maxxansa 8ffaa Addis Ababa : kuraz international publishing enterprise.
Gimbaar Nagaraa(2010). Seenaa Abiishee Garbaafi Gootota Oromoo Biroo. Addamaa
Habtaamuu Balluudee .(2011). Qaacceessa ergaa sirboota siyyaasaa Ittiiqaa Tafarii 2008-2010 irraatti xiyyeeffate. Yuunversiitii Finfinnee kan hinmaxxanfamne.
Harcourt Brace and C.(1994). Harbrace Collage Hand Book (12th ed.) Orlando: Florida
Hayiluu Bantii. (1997). Coraa Aadaa. Finfinnee: Mana Maxxansaa Boolee
Fekade, A. (1991). Yesinaqal Mamriya. Adiis Ababa: Bole Printing Enterprise
Finnegan.R. (1970).Oral Literature in Africa. Nairobi: Oxford University Press.
File Jaallataa (2019). Malleen qorannoo: Mana maxxansaa ADP (ADP Printing Press). Finfinnee.
Goldstein .(1964). Learning how to ask: A Sociolinguistics Appraisal of the role of the Interviewin Social Science Research.Cambridge University press.
Jaarraa fi Wasanee (2000).Bantuu Haaraa. Finfinnee: EMAY printers.
Johnstone,B. 2008.Discourse Analysis (2nd ed). Oxford: Black Well.
Kothri,C.R. (1990). Research Methodology Method and Techniques 2nd ed New Delhi: New Delhi publishers.
Lyons, John,(1995), Linguistics and Semantics . combridge University presss Stanford.
Meriam, Alan P. 1964. The Antropology of Music. Chicago: Northern University Press.
Mitikkuu (2011) “Xiinxala sirboota Oromoo hojii irratti xiyyeeffatan: Aanaa Jaarsoo” Yuunversiitii Finfinnee kan hinmaxxanfamne.
Richard,B.(1992).Folklore Cultural performances popular Enterainment. New York: Oxford University press.
Ruth Finnegan. (1970). Oral Literature in Africa. Oxford: Oxford University press.
Seefuu (2008).Xiinxala ergaa weedduu arrabsoo fuudhaafi heerumaa GodinaShawaa Lixaa Aanaa Amboo.Waraqaa qorannoo MA.Kan hinmaxxanfamne.
Sims, M. (2005).Living Folklore: An Introduction to the study of people and their traditions. U.S.A: Utah State University Press.
Sims, M.C. & Stephens, M. (2005). Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions. The Ohio State University: Utah State University Press.
Sofiyaa (1999) Wiirtuu jildii 9ffaa barruulee waaltiina qorannoo Afaan Oromoo, Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa :Finfinne Oromiyaa.
Sumner, Claude. (1997). Oromoo Wisdom.Vol. 2. Songs Collection And Analysis. Addis Ababa: Gudina Tumsa Foundation.

Misganu Guluma (2013).Yando. Ogumaafi Ogwalaloo Oromoo. Fifinnee, Oromiyaa.
Melakneh Mengistu. (2003). Fundamental of literature. Addis Ababa University:Branna Printing press.
Muktar Hasan (1994). Some significance Oromo folk songs: with specific reference to Jimma.Unpublished BA Thesis.Addis Ababa University.
Nagarii Leencoo. (1995). Wirtuu Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. GumiiQormaata Afaan Oromoo Dhaabbata, Biiroo Aadaaf Tuurizimii Oromiyaa
Okpewho (1992).African Oral Litrature.Indiana University Press.New Encyclopedia Britanica (1993, vol.11)
Teferi Nigussie. (2006). Development of Oromo Literature up to 1991.MA Thesis.Addis Ababa University.
Tafarii Ayyaanaa.(1998). Afaan Oromoo Kutaa 7-10. New Systematic Book series: Finfinnee maxxanfafne)
Tafarii Nugusee.(2010)“ Guddinaa fi Dagaagina Ogbarruu Afaan Oromoo”Faaya keessa. LAKK.1, F 7
Warquu Dachaasaa, Tafarii Kumsaa, Gammachuu Daadhii, Dirribaa Tarrafaa, Yenee’alem Araddoo, Tasfaayee Tolosaa, Zalalam Abbabaa,Mitikkee Bitawulinyiifi Girmaa Maammoo. (2001). Wiirtuu Jildii9. Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.Finfinnee: Biiroo Aadaafi Tuuriizimii Oromiyaa.
Warquu Dachaasaa (2001).Wiirtuu Jildii 9ffaa: Barruulee Qormaata Waalta‘ina Afaan Oromoo, Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaatiin: Finfinnee.
https://en.m.wikipedia.org>wiki.work
Soofiyaa Huseen. 2019. Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Miidhaafi Diddaa Oromoo Ibsan: Kan Bara 2013-2018tti. Waraqaa Qorannoo Digrii 2ffaa(MA), Yunivarsiitii Jimmaa, Jimmaa.

# Dabaleewwan

## Dabalee A: Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Jijjiiramaan Dura Sirba Haacaaluu Hundeessaa

### Maalan Jiraa

Laal Galootoo Gullalleen kan Tuufaa

Laal Galootoo Gaara Kichuu turii

Laal Galootoo Galaan Finfinneet dheessee

Laal Galootoo silaa akka jaalalaa

Laal Galootoo walirraa hinfagaanuu

Laal Galootoo jaraat nu fageessee!

Diiganii gaara sana gara diigmuu hinmallee

Nubasan addaan baanee nu addaan bahuu hinmallee!

Soorettii ya haadha Sooree irbaatni irra buusa qabaa

Seeqanii sesseeqanii kan gargar nubaaseetu jaraa.

Kootu Galaanee tiyyaa qotiyyoon abbaan didaa Yaadidaa harqoota keessaa

Kootu Galaanee tiyyaa qorra baraan dadhabee morma kee jalattan dheessa.

Kootu Galaanee tiyyaa sululta loon hintiksuu darabaatti galchiinaa

Kootu Galaanee tiyyaa yooman dhufee si argaa an sirraa fagoon jiira.

Maalan jiraa, malaan jiraa, maalan jiraa

Yaa Galaane maalan jiraa

Caccabseetu na nyatee jiraa.

Ani hinjiruu, Ani hinjiruu, Ani hinjiruu

Yaa Galooto ani hinjiruu

Kukuteetu na nyaateem tiruu.

Qotee qotee nammiichi sanyii darbatee

Yaa Galaane qotee qotee namichi sanyii darbtee

Rafee hinbuluu namni waan ormaa abdtee

Yaa Galaane maalan jiraa caccaabseetu na nyaatee jiraa.

Kootu yaa Galaanee tiyyaa

Faarda Siidaat hatanii siidaa Daaabaleen sooruu

Kootu yaa Galaanee tiyyaa

Erga nu daangessanii barri tureet bubbule.
Kootu yaa Galaanee tiyyaa
Waddeessi cirraan gubee Amborraat calaqqiisee
Kootu yaa Galaanee tiyyaa
Narraa fagaatte jedhee si yaaduun kiyya yoomhafee!
Maalaan hafee, Maalaan hafee, Maalaan hafee
Yaa Galaane maalaan hafee Caccabseetu na nyaateem lafee
Ani hinjiruu, Ani hinjiruu, Ani hinjiruu
Yaa Galaane an hinjiruu
Kukkuteetu na nyaateem tiruu.
Cuwwaa, cuwwaa jettii sinbirroon halkanii
Yaa Galaanee cuwwaa cuwwaa jettii
Nama garaan dhaane dirmammuu hinarganii
Yaa Galaanee maalan jiraa maalan jiraa
Caaccaabseetu na nyaatee jiraa.
Maalan jiraa, malaan jiraa, maalan jiraa
Yaa Galaane maalan jiraa
Caccabseetu na nyatee jiraa.
Ani hinjiruu, Ani hinjiruu, Ani hinjiruu
Yaa Galooto ani hinjiruu
Kukuteetu na nyaateem tiruu.
Qotee qotee nmmiichi sanyii darbatee
Yaa Galaane qotee qotee namichi sanyii darbtee
Rafee hinbuluu namni waan ormaa abdtee
maalan jiraa Caccabseetu na nyatee jiraa.

## Dabalee B: Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Yeroo Jijjiiramaa Sirbame Sirba Andu'aalem Goosaa

### Gadaatu Keeti

Uhuu jedhee dhiisuuf mitii

Nan dubbadhaa har,a akka kaleessaa mitii

Laafe bobbaasaan sobaa cabee laafee dhaabbate

Koo yaabarbaadaa dhugaa dhugaan mul'ate…..dhugaan kan kee mul'ate

Maasaan gamaa bajjiidhaa garbuu malee hinfacaasuu

Hojiin rabbi guddaadhaa wawaamalee nundhamaasuu

Ulfinakee barbaadee kormi kan kee baroodee….kormi baroodee

Hafeen dhufaa obseekoo ulfinnikee ulfookoo

Hodhu takkaa hodhu narraa akka garaakoo nabaasi dharraa

Obsaan aannan goromsaa unata jedhuu ayyoo tiyyaa

Roorroo hedduu dandeessee obsaan asgeessee, ayyoo tiyya

Barroo baranni keetii gadaatu keeti deessee tiyyaa

Dhuftee guyyaan dhiyaatee dukkanni ta'ee addeessa

Karra guddaarra geenyee galma guddaa sossoneessa

Dukkana keessa deeme dhugaa barbaacha, jooree dhugaa barbaadee

Dhugaan ilmoo rabbiitii dhugaa barbaacha baanee bilisummaa dhabnaaree

**Dabalee C: Sirba Qabsoo Bara Qeerroo Jijjiiramaan boodaa Sirba Dinqiisaa Dabalaa Daadoo**

Nanhawwee nanhawwee nahawwisiisaa

Takka kolfanii takka gadduu naduchisiisaa

Kolfa walirraa hincinne kolfuun nacallisiisaa

Nanhawwee…………..

Nanhawwee nanhawwee nahawwisiisaa

Kolfa walirraa hincinne kolfuun cabakoo nadeebisa

Sobee kiyyamoo sobee kiyyamoo

Cinaachi mirgaa wayyaa’e xinnoo

Sobee kiyyamoo Sobee kiyyamoo

Cinaachi bitaa nadhukkubamoo

Tuulamarra robe roobee…………

Maaf Maccarra tiifa tiifa………….

Maaf Maccarra roobee Tuulamarra tiifa

Rabbi walqixxeedha yoom adda nubaasa

Tuulamarra roobee maaf Maccarra tiifa

Rabbi walqixxeessee maanamni adda baasa

Sololookoo sololookoo sololoo Finfinnee horoomi sitti hime

Sololookoo sololookoo sololli battalaa bakkalcha galgalaa, si eega galgala

Yaa Habeebee habeebee qaatan callise didee najalqabe

Yaa Habeebee Habeebee maalan callisa cinaachi nacabe

Yaa Habeebee Habeebeekoo hinjettuu…..Habeebee gamasi

Kunoo nanhokkolaa hinfayyine har’asi

Habeebeekoo hinjettuu kuttaayee Amboorraa

Qaroo kiyya dhabee alaa manni qorra

Yaahabeebee habeebee maalan callisa didee najalqabee

Eega tolee tolee tolee ……

Waltu kan waliiwarii walii tolaa walii dhaama

Jigiin baanee jigiidhaan galla lakki hin diigin ijaarsa dalla

Daboon bahaanii daboodhaan galuu dhiisi daadoo maqaan nuhintolu

Jigiin baanee jigiidhaan galla adda hinbaanuu gamtaadhaan tolla

Daboon bahanii daboodhaan galuu dhiisii daadoo maqaan nuhin toluu

Addaan hin tolluu maqaan nuhin toluu….